# QAACCESSA KABAJA AYYAANA QAAMMEE GODINA SHAWAA LIXAA AANAA JALDUU

**ASNAAQACH DHAABAA JIBITOOTIIN**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI FOOKLOORIITIIF KAN DHIYAATE.**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMII FI QUNNAMTIITTI.**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI FOOKLOORII**

**SADAASA, 2014/2021**

**FINFINNEE**

# QAACCESSA  KABAJA AYYAANA QAAMMEE GODINAA SHAWAA  LIXAA AANAA JALDUU

**ASNAAQACH DHAABAA JIBITOOTIIN**

**GORSAAN: TAADDASAA JAALATAA (DR)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)**

**GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI FOOKLOORIITIIF KAN DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMII FI QUNNAMTIITTI.**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI FOOKLOORII**

**SADAASA,2014/2021**

**FINFINNEE**

# YUUNIVARSITTI FINFINNEETTI

## DHAABBATA QORANNOO DIGIRII DURAATIIN BOODAA

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo fi og barruu barsiisuu guuttachuuf Asnaaqach dhaabaatiin mata duree Qaaccessa kabaja ayyaana QaammeeGodina Shawaa Lixaa Aanaa Jalduu jedhu qophaa'ee sadarkaa ulaagaa yuunivarsitiin kaa'e guuteera.

Koree Qormaata

Qoraa Alaa ______________________________ Mallattoo ___________ Guyyaa ___________

Qoraa keessaa ___________________________ Mallattoo ___________Guyyaa ___________

Gorsaa _________________________________ Mallattoo ___________ Guyyaa ___________

Itti Gaafatamaa Muummee ___________________ Mallattoo ____________ Guyyaa ________

Ittigaafatamaa Muummee yookiin Qindeessaa sagantaa digrii Lammaffaa(MA)

_____________________________________________________________

## *Axareeraa*

*Kaayyoon Qorannoo kanaa kabaja ayyaana Qaammee qaaccessuu dha. Malli qorannoo kana gaggeessuuf dhimmaa itti bahame saxaxni qorannoo kanaa akkamtaadha. Malli itti dhimma ba'ames mala qorannoo ibsaati. Malli iddattoo kana iddatteessuu miti carraa ta'ee kaayyeffataa fi darbaa dabarsaatti dhimma ba'ame. meeshaaleen funaansa raga af-gaafii, marii garee,daawwannaafi sakatta'a dookimantiiti. Maddi raga qorannoo kanaa madda raga tokkoffaa fi madda raga lammaffaadha. Maddi raga tokkoffaa abbootii, haadholii, shamarranii fi dargaggoota Aanaa Jalduuti. Maddi raga lammaffaa immoo waajjira aadaa fi Turizimii Godina shawaa lixaati. Ragaalee adeemsa raawwii Ayyaana Qaammee, meeshaalee sirna kabaja ayyaana Qaammee irratti dhimma itti ba'aman, faaya hirmaattonni Qaammee ittiin miidhagan, ergaa sirboota ayyaana Qaammee, jijjiiramoota fookloorii kabaja ayyaana Qaammee irratti dhufan irratti walitti qabaman sakatta'amanii qaacceffamanii taa'aaniiru. Ayyaanni Ingiccaa adeemsa raawwii mataasaa kan qabu, meeshaaleen aadaa adda addaa ayyaana kana irratti itti gargaaraman akka jiru, faayidaa shamarran ittiin of miidhagsanii ayyaanicha kabajatan akka jiru, sirboonni ayyyaana kanairratti shamarran miira isaanii hunda sodaa tokko malee kan ittiin ibsatan fi ergaa adda addaa qaban maatii fi hawaasaaf kan ittiin dabarfatan akka ta'ee, yeroo ammaa kana jijjiiramni karaa adda addaa kan akka ammaayyummaa, amantiin walqabatanii mul'achaa dhufan ayyaana kana akka laaffisanii fi bifa dura ture gad lakkissiisan qorannoo kanaan hubatameera. Qaamoleen mootummaa dhimmichi Ilaallatu, maanguddoonni, abbootiin gadaa, abbootiin amantaa fi hawaasni abbaa qabeenyaa aadaa kan ta'e, ayyaanni kun duudhaasaa ganamaa eegee kunuunfamee akka itti fufuu ga'ee isaanii osoo ba'anii, akkasumas dargaggoo fi shamarran ammaayyummaan liqinfamanii aadaa isaanii dagachaa deemuurraa of qusatanii, mararfatanii itti fufsiisuun gaarii dha.*

## Galata

Hunda dura waaqayyo waa hunda uumee anaaf nageenyaa fi fayyaa kennee akkan baradhu na taasise guddiseen galateeffadha. Itti aansuudhaan gorsaa koo kan ta'an **Dr. Taaddasaa Jaalataa** hojiin koo akka naaf milkaa'uuf yeroo isaanii irraa aarsaa gochuun waan naa gorsaniif galatni ani isaaniif qabu guddaa dha. Akkasumas, **Abbaa manaa koo ogeessa Herregaa Tasfaayee Tuujjoo** nan galateeffadha. Dabalataanis **maatii koofi hiriyoota koo** na bira dhaabachuun hamlee naa kennaniif galanni koo guddaa dha.

## Hiika jechootaa

Jechoota qorannicha keessatti dhimma itti ba'aman akkaataa galumsa isaaniitiin akka armaan gadiitti hiikni kennameeraaf

Addooyyee …………………………shamarran hiriyaa walii ta'an

Amartii ………………………………Faaya mormatti hidhatan

Baranee ………………………………Shamarree bar asana heerumtu

Buqqisa ………………………………Guyyaa jala bultii ayyaana Ingiccaa

Dibduu ………………………………Meeshaa dhadhaan dibata mataatiif ta'u keessa kaa'an

Qaammee…………………………….....Ayyaana shamarran

Qarree ………………………………… Mallattoo shamarrummaa

Qunni …………………………………Gosa margaa

# BAAFATA

**QABIYYEE** **FUULA**

Axareeraa ..... i
Galata ..... ii
Hiika jechootaa ..... iii
BAAFATA ..... iv
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ..... 1
1.1. Seenduubee Qorannoo ..... 1
1.2 Ka'umsa Qorannoo ..... 4
1.2.1. Gaaffilee Qorannoo ..... 6
1.3. Kaayyoo ..... 6
1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa ..... 6
1.3.2. Kaayyoo Gooree Qorannichaa ..... 6
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ..... 6
1.5. Daangaa Qorannichaa ..... 7
1.6. Hanqina qorannichaa ..... 7
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ..... 8
2.1. Gooroowwan Fookloorii ..... 8
2.1.1 Afoola ..... 9
2.1.1.1 Maalummaa Sirbaa (Weedduu) ..... 9
2.1.1.2 Akaakuu Sirbaa ..... 10
2.1.1.3 Amaloota Afoolaa ..... 10
2.1.2 Meeshaa aadaa ..... 12
2.1.2.1 Meeshaalee Amantii Kan Dubartoota ..... 13
2.1.2.2 Meeshaa Faaya Miidhaginaa ..... 14
2.1.3 Duudhaa Hawaasaa ..... 14
2.2. Yaaxxina Qorannoo Fookloorii ..... 15
2.2.1. Yaaxxina Fayyadamaa ..... 15
2.2.2. Yaaxxina Haalawaa ..... 16
2.3. Sakatta'a Barruu Walfakkii ..... 17

BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNOO ........ 18
3.1. Saxaxa Qorannichaa ........ 18
3.2. Madda Ragaa ........ 18
3.3. Irraawwatama Qorannichaa ........ 18
3.4. Iddattoofi Mala Iddatteessuu ........ 18
3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaa ........ 19
3.5.1. Af gaaffii ........ 19
3.5.2. Marii Garee ........ 20
3.5.3. Xiinxala Dookimentii ........ 20
3.5.4. Daawwannaa ........ 20
3.6. Mala Qaaccessa Ragaa ........ 20
3.7. Naamusa qorannoo ........ 21
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE ........ 22
4.1. Adeemsa ........ 22
**4.1.1. Qophiilee kabaja ayyaanichaaf raawwataman** ........ 22
4.1.2. Jalbultii /Buqqisaa ........ 23
4.1.3. Guyyaa Qaammee ganama ........ 24
4.1.4. Guyyaa ........ 27
4.2. Meeshaalee ........ 28
4.2.1. Okkotee ........ 28
4.2.2. Xuwwee ........ 29
4.2.3. Qunnii ........ 29
4.2.4. Dibduu dhadhaa ........ 30
4.2.5 Dhadhaa ........ 31
4.2.6. Utubaa Manaa ........ 31
4.3. Faaya Miidhaginaa ........ 32
4.3.1. Uffata aadaa ........ 32
4.3.2. Marata mataa /shaashii ........ 33
4.3.3. Gutichaa Gurraa /Lootii Gurraa ........ 34
4.3.4. Amartii mormaa ........ 34
4.3.5. Urgooftuu ........ 35

4.3.6. Shurrubbaa ... 35
4.4. Sirboota Ayyaana Ingiccaa ... 36
4.4.1. Galateeffannaaf ... 37
4.4.2. kakaasuu7 ... 38
4.4.3. faarsuu ... 38
4.4.4. jaalalaaf ... 40
4.4.5. Quuqaaf ... 43
4.4.6. Komiif sirba ... 44
4.4.7. Jibbaaf ... 46
4.4.8. Yaaddoof ... 47
4.4.9. Sodaaf ... 49
4.4.10 kabajaf ... 50
4.5. Jijjiramoota mulachaa dhufaan ... 51
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA ARGANNOO FI YABOO ... 53
5.1. Cuunfaa ... 53
5.2. Argannoo ... 53
5.3. yaboo ... 54
WABIILEE ... 56
Dabalee A ... 58
Dabalee B ... 59
Dabalee C ... 60

## Suuraa Fakkiiwwan

Suura 1  Guyyaa ayyaanichaa (Toltuu Kabbadaa  05\12\2013) .................................................. 23

Suura 2 Guyyaa Qaammee Ganama[Abarruu Ifaa,06\13\2o13] .................................................. 26

Suura 3 Guyyaa Qaammee (Hawwii Kumaa,06\13\2013) .......................................................... 27

Fakkii 4 Okkotee........................................................................................................................ 28

Fakkii 5 Xuwwee ........................................................................................................................ 29

Fakkii 6 Qunnii  fo'ame.............................................................................................................. 30

Fakkii 7 Dibduu dhadhaa ............................................................................................................ 31

Fakkii 8  Uffata aadaa ................................................................................................................. 33

Fakkii 9 Marata mataa /shaashii ................................................................................................ 33

Fakkii 10 Gutichaa Gurraa /Lootii Gurraa................................................................................... 34

Fakkii 11 Amartii mormaa........................................................................................................... 35

Suura 12 Shurrubbaa................................................................................................................... 36

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannoo

Hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa gaggeessu keessatti karaa mul'atuu fi hin mul'anneen waliinis ta'ee dhuunfaa isaatiin waan raawwatan hunda kan ittiin ibsatu fookloorii dhaani. Fooklooriin seenessaalee, achii-dhuftee yaada hawaasaa himan, gootomsan, sheekkoowwan, baacoolee, mammaaksaalee, hiiboowwan, weedduulee, eeba, kakuu, arraba, dheekkamsa, aarsuu, qocholloo, nagaa gaafannaa fi nagaa dhaamsaa kan hammatuu dha.

Dabalees uffata aadaa, sirba aadaa, do'ii aadaa, aartii aadaa, amantii aadaa (waaqefffannaa, wanti humna uumamaa ol ta'e qabu jiraachuufi amanuu) dawaa/qorichaa aadaa, meeshaalee sirba kan akka dibbee, ululee, kiraaraa, faagaa, weedduulee aadaa dubbii garee, akkasaa, iddeessaa, iddeessaa aadaan jiran fi maqaalee qabata. Fooklooriin baay'ee bal'aa waan ta'eef hiika fookloorii irratti beektonni adda addaa yaada adda addaa qabu.

Yaada kana Martha (2009:11) Foklore is many things, and it's almost impossible to define succinctly. It is both what fokloreis study and the name of the disciple work within yes, it folk songs and legends. It is also quilts, boy scout badges high school marching band initiations, jokes, chain lifters, nicknames holidays, food and many other things you might or might not expect. it exists in cities, suburbs and rural villages in families, work groups and dormitories.

Akka yaadni kun ibsutti fooklooriin waan hedduu kan of keessatti qabatu waan ta'eef, hiika sirrii kennufiin ulfaataa ta'us, hiikni isaa nama waa'ee isaa qoratuufi maqaa ogummaatiin akka beekamu kan nama hubachiisudha. Kana malees, fooklooriin durdurii fi af seenaa gartuu namoota kan faarsuu keessattu namoota maatii garee baadiyyaa kan ilaalatuu qoosaa, nyaata aadaa yeroo ayyaana kan of keessatti qabatu akka ta'edha. Akkasumas, fooklooriin waa'ee ummata kan ummanni ittiin baratuu ta'uu isaas ni agarsiisa.

Walumaa galatti dhalli namaa waa'ee eenyummaa fi haala akkamiin hiika addunyaa irraa jiraatamu kana ibsuuf tajaajilu ta'uusaa nama hubachiisa. Dabalataan William (1985) maalummaa fookloorii akka ibsettimoo, fooklooriin jecha afaan ingilizii "folk" fi "lore" jechuu irraa dhufee jedha "Folk" jechuun ummattoota baadiyyaa kan hin baramnee fi qaroomina hin qabneedha. Lore immoo barsiifata aadaa, duudhaa, safuu ummataati jechuun ibseera. Yaada kana

irraa kan hubatamu fooklooriin hawaasichaa fi beekumsa hawaasichi waliin qabu ta'uusaati. Beekumsi waliin qabu kunis kan dhimma adda addaa irratti waliin itti gargaaramuudha. Beekumsi waliinii isaa kun immoo qabeenya waliinii isaati. Itti dabaluun warqinaan (2008:3) Looreet Tsaggaayyee (1982) wabeeffachuun aadaa yoo ibsu Aadaan mallattoo eenyummaa saba tokkooti. Dhiigni nama keessatti akkuma lubbuu uumu, aadaan immoo saba tokko keessatti lubbuu uuma. Namni dhiiga hin qabne akkuma du'u, sabni aadaa hin qabne addunyaa kanarra ni bada jedheera. Yaada kana irraa akkuma hubatamu aadaan mallattoo eenyummaa burqaa qaroominaa fi tokkummaa saba tokko kan ibsu ta'ee, hawaasni fi aadaan kan addaan hin bane ta'u isaati. Aadaan sochii jiruu fi jireenya saba tokko kan ibsuufi meeshaalee sabnisun itti fayyadamuu irraa eegalee.

Akkaataa sabni sun oomishatu, bilcheeffatu, nyaatu, uffatu, gammadu, gadduu, wal bulchatu waaqeffatu, ayyaaneffatu kan ibsudha. Kanneen aadaan qabatu keessaa tokko ayyaanota kabajamanidha. Ayyaanni hiikoo adda addaa of keessaa qaba. Kanneen akka milkii, guyyaafi sirna waa ulfeessuu/kabajuufi K.k.f. nidha. Yaaduma kan ilaalchisuu Dirribii (2011:12) the name many things under different contexts. It may mean luck or fate. It also refers to particular holiday. Akka yaada armaan olitti ayyaanarratti kenname yoo ilaalu sirna kabaja guyyaa murtaa'aa tokko waaqeffachuu ta'uu isaati. Ayyaanni humna uumamaa wanti tokko qabuufi sirna tokkoof ulfina kennanii kabajuuti. Haala kanaan ayyaanni sagantaa dhimma tokko sababeeffachuun qophii adda addaatiin guyyaa sana ulfeessanii kabajuu akka ta'e nama hubachiisa.

Ummanni Oromoo ummata aadaa, afaan fi amantii mataasaa qabudha. Asefa (2010) "uummanni Oromoo uummata Afrikaa bahaa jiraatan keessaa tokko ta'ee, damee kuush isa guddaa aadaa fi beekumtaa mataasaa qabudha!!Jechuun ibseera.Yaada kanarraa kan hubatamu uummanni oromoo fookloorii mataasaa kan qabu, fookloorii isaa kanaan miira jiruuf jireenya isaa gaggeesuu keessatti itti dhagahame kan ittiin ibsatu, muxannoo fi mudannoosaa kan ittiin calaqqisiisu ta'uu isaa agarsiisa. Yaaduma kana cimsuun warqinaan(2008:82) " uummanni oromooo falaasama kanneen akka waaqeffannaa, sirnoonnii fi ayyaanonni uummanni oromoon kabajatu hedduu akka jiranidha. Kanaaf uummanni oromoo uummata guddaa aadaa bal'aa fi boonsaa ta'e kan qabu ta'uusaa namatti agarsiisa.

Ayyaanota uummata Oromoo biratti kabajaman keessaa ayyaanni Qaammee isa tokko dha. Ayyaanni kun bakkaa bakkatti garaagarummaa haala raawwii fi garaa garummaa maqaa ni qabaata, maqaan kunis,Qaammee, walaalee fi Ilillii jedhamuun waamama. Uummata oromoo aanaa jalduu qorannoon kun itti gaggeeffame biratti Ingiccaa/Qaammee jedhamuun beekama. Dirribii (2009:83) "ijooleen dubaraa hoolaa fi jabbii tiksuun, qoraan guuruudhaan bakka adda addaatti ergamuu dhaan warra isaanii tajaajilu. Warra isaanii birattis kabajaafi jaalala guddaa qabu. Waggaatti altkko ayyaana Qaammee jedhamu ni kabajatu!! Jechuun ibseera. Yaada kanarraa kan hubatamu shamarran naannoo tokko gamtaadhaan ayyaana kan isaanii ta'e kan waliin kabajatan qabu jechuudha.

Ayyaanni kunis ayyaana Qaammee jedhamu akka ta'edha. Haa ta'uu malee, biyya keenya keessatti yeroo dheeraaf dagaagee kan ture sirni gita bittaa dabaree dabaree dhaan itti waljijjiira turan. Aadaa olka'aa tures aadaa saba tokko qofaadha. Seenaa, aadaa fi hambaa saba oromoos mancaasuu, duula eenyummaa isaa balleessuuf dhiibbaa taasisuun waggoota dheeraa osoo walirraa hin citiin isarra gahaa tureera. Kanarraa ka'uun rakkoolee gama siyaasa amantiin, dinagdeefi ammayyummaa wajjiin waliin walqabateen aadaan oromoo hedduun isaa dagatamaa dhunfeera. Dagatamaa dhufuu aadaa oromoo irratti ture kana hambisuuf ammo qabsoo uummanni Oromoo oromummaa isaa kanaaf taasisaa turedha.

Yaada kana Asaffaan (2007:12) akkas jechuun ibsa. Oromummaa enables oromos to retrieve their cultural memories assess the consequences of Ethiopian colonialism give voice to their collective grievance mobilize diverse cultural resources, inter link oromo personal, interpersonal anollective (motional) relationships, and assists in the development of oromo centre political strategies and tactics that can mobilize the nation for collective action nemporing the people for liberation. Akka yaada armaan olii kun ibsuutti uummanni oromoo aadaa waggoota dheeraaf itti fayyadamaa tureerratti yeroo dheeraaf kan dagaagee sirni gita bittaa aadaa saba oromoo mancaasuu duula eenyummaa isaa baleessuuf dhiibbaa waggoota dheeraa osoo walirraa hin citiin irra gahee ture jala dhabaachuun oromoonni akka human jiddugala mormii ijaaratani hanga tokko kan badii irraa oolchaniiru. Kun ta'aa turuun isaammoo guddinaa fi dagaagina aadaa oromoo akka quucarsaa ture nama hubachiisa. Yaadolee olitti ka'an bu'uura godhachuun gooroowwan fookloorii jiran keessaa duudhaa hawaasaa irratti hundaa'uun kabaja ayyaana QaammeeOromoo Aanaa Jalduu qaaccessuu irratti xiyyeeffachuun qorannoo gaggeesseera.

Kanamalees, Fileen (2016:3) Beker (2004) wabeeffachuun ,,the word culture began as a noun of process connected to growing crops that is cultivation>> jechuun ibseera. Akka yaada kana irraa hubannutti jechi aadaa jedhu. Jecha waan tokko uumuu jechuu dha.

Karaa biraa, aadaa jechuun wantoota adda addaa kalaquu yookaan jiruufi jireenya dhala namaa irratti hundaa'uudhaan waan tokko oomishuudha. Jiruu fi jireenya hawaasaa irratti hundaa'uudhaan wanti oomishamu kunis wantoota addda addaa jireenya dhala namaa karaa argamuu fi hin argamneen kanneen ibsaman of keessatti qabata. kana malees, Asaffaan (2009:55) maalummaa aadaa yoo ibsu << Aadaan ummata tokko sochii haala jiruu fi jireenya isaa kan ibsudha >> jedha. Sochiin jireenyaa isaa gaggeessuu keessatti raawwatu hundi aadaa isaati jechuudha. Waluma galaatti qorannoo kanaa adeemsiisuuf yaada hayyoota fi muuxannoo hawaasa keessa jiraadhutti akka maddaatti fayyadamuun sirna kabaja ayyaana ingiccaa oromoo aanaa jalduu qaaccessuun irratti xiyyeeffachuun qorannoo gaggeesseera.Qorannoo kana qorachuuf wantootni qoratuu kakaase:-

1. Yeroo amma kanatti dhaloonni ammo jiran amantii garaa garaatiin walqabsiisan waa'ee kabaja sirna Ayyaana Qaammee kana akka hin daganneef qorattuu qorannoo kan akka dookimentii tokko kaa'uuf.
2. Kabaja kabaja ayyaanaa Qaammee godina shawaa lixaa Aanaa Jalduutti argamuu godinaalee oromiyaa biraatti beeksisuuf, yoo ta'u qorannoo kana gaggeessuun immoo wantoota garaagaraaf barbaachisa. 1. Namoota gara fuuduratti qorannoo mata duree kanarratti gaggeessuu barbaadaniif akka wabiitti ni gargaara. 2. Namoota odeeffannoo waa'ee kabaja ayyaanaa Qaammeegodina shawaa lixaa Aanaa jalduu baruu barbaadaniif akka ragaatti ni gargaara.
3. Aadaan miidhagaa fi bareedaan kun badaa fi xiqqachaa dhufu irratti qorannoo kana fayyadamuun qaama dhimmi ilaalatuuf kallatti kaa'uuf barbaachisa.

### 1.2 Ka'umsa Qorannoo

Qorannoo tokko gaggeessuuf wanti qorataa ykn qorattuu kakaasu ni jira .Qorattuus wanti kakaase;kabajni ayyaanaa Qaammee hir'acha waan dhufeef.Adeemsa kabaja ayyaanaa Qaammee qaaccessuun lafa kaa'uuf. Kabajni ayyaana Qaammee adeemsa ittii kabajamu kan mataa isaa ni qaba. Adeemsa kana keessattis wantoota barbaachisanii fi duudhaa eegamu ni qaba. Duudhaafi

adeemsa isaa kanas eegee karaa ho'insa qabuun kabajamaa kan turedha. Haa ta'u malee yeroo amma kana sababa wantoota aadaa irratti dhiibbaa geessisan kan akka ammayyummaa, amantiifi k.k.f. irraa kan ka'e duudhaa ganamaasaa gadi lakkisaa, harca'aa gara baduutti deemaa kan jiru fakkaata. Kanaaf dhiibbaawwan kanarraa ka'ee ayyaanni hingiccaa dhorkatee akka hin hafne karaa guutuu ta'een qorachuun barbaachiseera. Asaffaan (2010:16) akka ibsetti "amantaawwan biyya biroo irraa kallattii adda addaatiin dhufan duudhaalee fi amantii oromoo ganamaa akka dagatamu,darbees akka badan dhiibbaa guddaa taasisu" jedha. Yaaduma kana cimsuun fileen (2016:21) Bakar (2004) wabeeffachuun akka ibsettii "yaadarimeen 'ammayyummaa' jedhu warra dhiyaa irraa kan dhufe yommuu ta'u, yaada haaraa ykn aadaa haaraa tokko hawaasa aadaa fi falaasama isaatiin bulutte fe'uun kan isaa dagachiisuudha" jedha. Yaadota kana irra akka hubatamutti amantii fi ammayyummaan yeroo babal'atan aadaa hawaasa tokko akka dagatamu, bifa isaa akka jijjiiratuu fi akka hafaa deemu taasisa. Kanaaf aadaan kabaja ayyaana hingiccaa oromoos haaluma kana keessa waan jiruuf dhiibbaawwan kanaan dhokatee akka hin hafne qorachuun barbaachisaa ta'ee mul'ateera.

Sirna kabaja ayyaana Ingiccaa Godina Shawaa Lixaa ilaalchisee kabbee (2006) qoratamullee kan xiyyeeffatame hirmaattota ayyaana hingiccaa qofaarrattidha. Kan biraa baayyush (2004) yuunivarsiitii Ambootti xumura digirii tokkoffaatiif kan qoratte jiraatullee, kunis kan xiyyeeffate sakatta'a faaruu guyyaa ayyaanaa Ingiccaa qofaarratti dha. Argannoon qorattoota kanaas kan mulisu dhimma kanaan walqabatee gad fageenyaan qorachuun akka barbaachisudha.

Qorannoo kana immoo kan jara lamaanii irra kan adda taasisu gooroowwan fookloorii duudhaa hawaasaatiin kabaja ayyaanaa Qaammee Aanaa Jalduu qaaccessuu irratti hundaa'ee gaggeeffe ta'uu isaati. Haaluma kanaan Qoronnoonkun gaaffiilee armaan gadiitti dhiyaatan deebisuuf qoratteeti.

Qorannoon kun beekumsa gama gooroowwan fookloorii oromootiin jiru kanneen kabaja Qaammee keessatti barbaachisan ibsuuf. Gooroowwaan fookloorii kanneen kabaja ayyaana Qaammee irratti barbaachisan keessaa duudhaa hawaasaatti dhimma ba'eera. Beekumsa gama kanaan jiru dabalaa deema. Kana jechuun shamarran yeroo kabaja Ayyaanaa Qaammee wantoota faayaa fi urgaaf oolan ni fayyadama.Kun immoo beekumsa gama duudha hawaasaatiin jiru ni dabala. Kana jechuun yeroo kabaja ayyaanaa Qaammee kun raawatu wantootni duudhaa hawaasaatiin walqabatan kanneen akka, dubaroota sirbaniif daadhaa dibuu, nyaata kennuu,

simachuu, qarshii kennu kabajuu, beekamtii kennuu fi k.k.f waan calaqsifamaniif beekumsa gama duudhaa hawaasaa ni dabala.

### 1.2.1. Gaaffilee Qorannoo

1 Adeemsi kabaja ayyaana Qaammee akkamiin raawatama?
2 Meshaaleeen kabaja ayyaana Qaammee keessatti argaman maal fa'i?
3 Sirboonni kabaja ayyaana Qaammee keessatti sirbaman ergaa maal dabarsuu?
4 Fookloorii ayyaana Qaammee irratti jijjiramni mul'ataa dhufan maal fa'i?

## 1.3. Kaayyoo

Qorannoon tokko kaayyoo qoratamuuf qaba .Kaayyoo qorannoo kanas bakka lamatti qoodna.Isaanis;kaayyoo gooroofi kaayyoo gooree jedhamu.

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa

Kaayyoo gooroo qorannoo kanaa kabaja ayyaana Qaammee Aanaa Jalduu qaaccessuudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree Qorannichaa

Kaayyoo gooreen qorannoo kanaa:-

1 Adeemsa raawwii kabaja ayyaana Qaammee ibsuu.
2 Meeshaaleen kabaja ayyaana Qaammee keessatti argaman fakkoomina akkamii akka qaban ibsuu.
3 Sirboota ayyaana Qaammee irratti sirbaman ergaa isaanii addeessuu.
4 Fookloorii kabaja ayyaana Qaammee keessatti argaman irratti jijjiiramoota mul'ataa dhufan adda baasuun ibsuu.

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun ergaa hojjatamee xumuramee booda bu'aalee armaan gadii ni kenna jedhamee eegama.

1. kabajni ayyaana Qaammee dhalootaa dhalootatti daddarbaa jiru kun qoratamee yoo taa'e hanga tokko dagatamuu irraa baraaramuu danda'a.

2. Namoota qorannoo kana fakkaatu gaggeessaniif ka’umsaa ta’uu danda’a.
3. Argannoon qorannoo kanaa hojii fuula duraa kabaja ayyaana ingiccaa irratti waajjirri aadaa fi turiziimii hojjatuuf isa gargaaruu danda’a.
4. Namoota kabaja ayyaana Qaammee Aanaa Jalduu hin beekne qorannoo kana dubbisanii akka beekuu danda’an ni gargaara.

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa kabaja ayyaana Qaammee Aanaa Jalduu qaaccessuudha.Kabaja ayyaana Qaammee kallattii duudhaa hawaasatiin, meeshaa aartiitiin, sochiilee aartiifiogafaaniin osoo qoratamee gaarii ture. Haa ta’u malee, qoratuun yeroo fi human qabdu irratti hundaa’uun duudhaa hawaasaa irratti kan daangessite. Akkasumas bakka qorannoon itti adeemsifamuunis naannoo Oromiyaa godina Shawaa lixaa Aanaa Jalduutti kan daanga’ee dha.

### 1.6. Hanqina qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuuf rakkooleen adda addaa nama mudachuu danda’u. kanaaf qorattuun yeroo qorannoo kana gaggeessaa turte keessatti rakkoolee ykn hanqinoota mudatan haala armaan gadiin tarreessiteeti.

1 Hanqina yeroo; hojii idilee waliin yeroon gahaa dhabamuu.kanaaf immoo yeroo boqonnaatti fayyadamuufi yeroo hojiin idilee cufa ta’eetti haalaan fayyadamteeti
2 Hanqina odeeffannoo namoonni odeeffannoo kennan durgoo barbaaduu fedhii dhabuu fi namoonni muuxannoo ga’aa qaban dhibuu.Hanga ta’e odeeffannoo kennittootaaf ,bunafi shaayii jechuun furteeti.
3 Hanqinni kitaabolee wabii jiraachuu dha.kanaaf immoo kitaabilee walitti dhiyeenya qaban dubbisuun furteeti.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Boqonnaa kana keessatti kan dhiyaatan qorannoo kana galmaa ga'uuf jedhamanee barreeffamoota sakatta'amanidha. Isaanis gooroowwan fookloorii, afoola, maalummaa sirba, gosoota sirbaa, amaloota Afoolaa, meeshaalee aadaa, faaya miidhaginaa duudhaa, aadaa fi kanneen wajjin walitti dhufeenya qaban sakatta'uun kan dhiyaatanidha.

## 2.1. Gooroowwan Fookloorii

Fooklooriin waan baayyee of keessatti qabata Richard Dorsan (1972 ;1) yaanni fookloorii bal'aa waan ta'eef walitti dhufeenya dhimmoota fooklooriin qo'atu irratti hundaa'udhaan gooroo wwan gurguddoo afuritti qoodaniiru.Isaanis Afoola /og-afaan, meeshaalee aadaa, aartii duudhaa, duudhaa hawaasaa fi aadaa sochii qaamaa jechuun kaa'aniiru. Yaada kana irraa kan hubatamu barsiifanni hawaasni waliin qabu yjn fooklooriin kan akka durdurii, faaruu adda addaa seeneffamoota, jechamoota, barsiifataalee hawaasaa, ayyaanota kabajaman kan akka gadaa, ateetee, ayyaana ijoolee, hojiilee ogummaa aartii miidhagsanii hojjechuu, kan ragadaafi sochii qaamaan raawwatanis ni qabata jechuudha.

Akka qooddii hayyoota hayyoota kanaatti, fookloorii keessatti Kan gochaan raawwataman, sochii adda addaatiin Kan raawwataman Kan ijaan mul'ataniif, kan jechaan lafuuraan raawwataman kan ijaan hin mul'anne qaba jechuudha. Yaaduma kana deeggaruun:- Foklore includes my ths, Legends, Foktales, Jokes, proverbs, riddles,chants, charms, blessing curses, oaths, insults,retorts, taunts, teases, toasts, tongue twisters, and greeting and leave taking formulas (e.g. see you later, alligator). It also includes folk costume folk dance, folk drama (and mime). Folk art, folk belict, folk medicine, folk instrumental music (e.g, riddle tunes) folk songs (e.g lullables ballads) folk speech (e.g. slang), folk similes (e.g blend as a bat), folk metaphors (e.g. to paint the town red) and names (e.g nick names and place names), folk poetry ranges from ora epics to autograph folklore verse, epitaphs, latrenalea (writings on the walls of public bath rooms), ball bonncing, rhymes, jump-rope, rhymes finger and toerhymes, dandling rhymes, counting out rhymes ( to determine who will be "it" in games and nursery rhymes (Martha C siths 2005 (8). Akka yaada kanaatti fooklooriin waan heddu Kan of keessatti hammatu yoo ta'u inni of keessatti qabatu, og-afaan, kanneen akka af seenaa, sheekkoo, qosaa, mammaaksa, hibboo, eebbaafi k.k.f ni dha. Gama barsiifata aadaatiin ammo, safuu, sirna adda addaa fi gama

meeshaaleetiin ammoo, meeshaalee sirbaaf oolan, kan nyaata itti qopheessuuf oolan ta'u danda'a jechuudha. Akkasumas, gosoonni fookloorii kan biro aartii sochii qaama, mallattoo fi gochaan kan mulatan akka ta'an nama hubachiisa.

### 2.1.1 Afoola

Og-afaan aadaa, seenaa, eenyummaa akkasumas muuxannoo fi muudannoo dhaloota darbe irraa gara dhaloota itti aanutti kan dabarsudha. Malakneh (2008:130) yeroo ibsu Oral literal true refers to verbal heritage or making transmitted from generation to generation by word or mouth jedha. Yaada kana irraa kan hubatamu og- afaan dhalootaa dhalootatti afaaniin kan darbudha.

. Dabalataan Finnegan (1970) afoolli duudhaawwan afaaniin daddarbudh. Bara dheeraa sammuu namaa keessaa burqee kan himamuu fi yoomess mataa isaa kan qabudha. Og-afaan haala jiruufi jireenya hawaasaa dhalootaa dhalootatti himamsa afaaniin kan dabarsaa dhufe ta'uusaa ibsiti. Dabalataan "oral literature is general term that includes for songs, tales, ballads, proverbs, riddles etc" jechuun keessi kanarraa og-afaan gareewwan akka sirbaa, faaruuwwanii, oduu durii, mammaaksa, hiibboo, afseenaafi k.k.f of keessaa kan qabu ta'uusaati. Afaan Oromoo Afoolaan gabbataa dha. Afoolle/ og-afaaan immoo afaaniin dhaloota irraa dhalootaatti kan darbu aadaa saba tokkooti. Ummanni tokko qalamaa fi waraqaa osoo wal hin tuksiisiin dura naannoo itti argamutti, jiruu fi jireenya isaa keessatti waan isa qunname tokko, qaroomaa fi guddina irra ga'e, ilaalcha uumamaaf qabu, saba tokkoof qabu, addunyaa mataa isaaf qabuufi kanneen kana fakkaatan kan ittiin ibsatu keessaa og-afaan tokko ta'uusaa hubachiiseera.

#### 2.1.1.1 Maalummaa Sirbaa (Weedduu)

Tasammaa (2002) sirbi ogafaan bifa walalummaa qaban keessaa tokko ta'ee, irragata waan namatti dhaga'ameeti. Kana jechuun hawaasni waan itti dhaga'ame gaddaa fi gammachuu kan ittiin ibsatu ykn dhaggeetii keessa isaa jiru kan ittiin baafatau dha. Aadaa oromoo keessatti yaade ibsuudhaaf bakka guddaa qaba. Sirba kana namoonni waliin ta'anii ykn kophaa kophaa isaanii haala itti sirbamu sana keessatti sirbu. Walumaa galatti hayyoonni adda addaa wal deeggaruudhaan maalummaa sirbaa ibsaniiru sirbi walaloo gaggabaaboo kan haala salphaa ta'een namaa galuufi muuziqaa kan of keessaa qabu dhakan jedhudha.

#### 2.1.1.2 Akaakuu Sirbaa

Sirbi tokko aadaa, afaan, seenaa, hambaa mataa isaa ni qabaata. Aadaa Oromoo toora tooraan garaagarummaa qabaachuu danda'ullee Aadaa oromoo keessaa tokko aadaa sirbaati. Sirbi akaakuu garaagaraa ni qaba. Kunis sirbi ammayyaafi sirbi aadaati. Sirbi ammayyaa kan jedhamu artistoota ogummaa weedduu aartiin qophaa'ee meeshaa muuziqaa jabanaa waliin qophaa'e dhiyaatu yoo ta'u, sirbi aadaa immoo muuziqaa aadaatiin qindaa'eekan dhiyaatufi afaaniin dhaloota irraa dhalootatti kan darbudha. Sirbi aadaa walaloon kan dhiyaatuuf weellisaan yeedalloo yeedalloo itti godhee kan sirbamudha. (Nagarii , 1195) yaada kana deeggaruudhaan Tasammaa (2005) "They are different narieties of songs. They are birth songs death songs, song expressing seasonal changes, poletical songs etc" yaada kana irraa kan hubatamu sirboonni gosa adda addaa akka jirani dha.

Akka Dirribaan (2003) kallacha oromiyaa (1992) wabeeffatee ibsetti, gosoonni sirbaa kan akka sirbaa duulaa, sirba fuudhaafi heerumaa sirba hiriyaa, sirba ayyaanota garaa garaa fi kkf ni jiru. Sirboota garaa garaa kanaan hawaasni aadaa fi duudhaa isaa ittiin ibsata. kanas namoonni gitaan, umuriidhaan korniyaan gargar ta'uun sirbu. Kunis abbootiin yeroo irreechaa, haadholiin yeroo ateetee, shamarran yeroo Ingiccaa, dargaggoon yeroo taaburee/ ukee kaasaanii ni sirbu. Kanarraa kan hubatamu, sirbi yeroo itti sirbamu, iddoo itti sirbamuu fi qaamni sirbu akka jiru dha.

Kanuma cimsuun Abarraa(1999:1) "sirbi waa'ee maalummaa saba tokkoo kan ibsu, falaasama isa kan mul'isu ta'ee gosoota adda addaa qaba" jedha yaada kana irraa kan hubatamu, sirbi akkuma sagantaan inni irratti sirbamu garagar ta'e gosti sirbi chaallee garaagar akka ta'e agarsiisa

#### 2.1.1.3 Amaloota Afoolaa

Amaloota Afoolli qabu keessaa kanneen bu'uura ta'an isaan armaan gadiiti

##### 1 Hurruu bummaa

Hayyoonni hedduun amaloota ogafaanii keessaa hurruu bummaan isa bu'uuraa akka ta'e amanu Warquun (1999) yoo ibsu hurruubummaan hin jiru taanaan, ogafaan jira jechuun hin danda'amu. Haalli uumama isaas ta'e adeemsi lufummaa isaa hurruubummaa irratti kan hundaa'edha. Ogafaan kamiyyuu yoomessa hawaasummaa mataa isaa irratti hundaa'ee hurruubaatiin jamaa

fuulduratti dhiyaata. Kana jechuun garuu yerootti ogafaan bakka jamaan hin jirretti hin hurruubamu jechuun miti. Ogafaan suurraafi ogummaan isaa haalaan kan goobane mul’atu, kan kaayyoon hurruubamuufis bakka ga’uu danda’u, onnee jamaas booji’uu kan danda’u kallattiitiin jamaa fuulduratti yoo hurruu bamedha. Hurruubaan ogafaanii tokko jamaa fuulduratti yoo dhiyaatu qalbii daawwattootaa to’achuudhaaf waan amalli ogafaanii sun eeyyamu mara raawwata. Kana irratti ogummaafi dandeettii dhuunfaa isaa ida’a. harki, miilli, fuulli, (qaamni marti) akka waliigalaatti ga’ee ogafaan hurruubamaa jiru sun irraa barbaadu bahu. Sochii qaamaa kunneen irraa haalli gammachiisaa, gaddisiisaa, sodaachisaa, jajjabeesasaa fi kkf uumamee qalbii jamaa akka harkisuuf hurruubaan hedduu carraaqa. Jamaanis callisee kan daawwatu otoo hin ta’iin mallattoowwan gara garaatiin sagaleetiin bakka barbaachisutti duukaa bu’anii hirmaannaa isaanii agarsiisu. Hurruubummaan akka ogafaaniifi akka aadaa isaati garaagarummaa qaba. Haalatti geerarsi hurruubamu, haalatti weedduun jaalalaa hurruubamu waliin tokko miti walumaa galatti, ogafaan humna godhatee kaayyoo hurruubamuuf sana galmaan ga’uu kan danda’u qaamoleen hurruu bummaa marti waliin qindaa’ani yoo dhiyaatanidha. Hurruubaa, jamaa, ogummaa dhuunfa hurruuba, meeshaalee barbaachisan yoomessa waliin qindaa’anii dhiyaachu qaba. Ogafaan hurruubummaa irraa adda bahe jennaan lubbuu hin qabu. Badus danda’a kan jedhudha.

## 2 **Jijjiirama**

Misgaanuu (2011) jireenyi ogafaanii kan dhugoomu afaan namootatiin dubbatamutiin yookaan weeddifamuutiin waan ta’eef.

Walakkaan isaa yookaan guutummaa guututti adeemsa keessa geeddaramuu danda’a. namni ogafaan beeku tokko namaaf dhiyeessee booda yeroo biraa otoo namoota biraaf isuma hurruubuuf yaale akka gaafa duraatti guutummaa guutuutti dhiyeessa jechuun hin danda’amu. Kaan irraanfachuu danda’a yookaan haa ta’u jedhee kalaqa haaraa itti dabaluufi bifa caalatti qalbii harkisa jedhee yaaduun dhiyeessuuf yaala yookaan haalli hurruu bichi keessa jiru isa gaafa duraa waliin ta’uu waan hin dandee nyeef waa itti dabaluu, yookaan waa hirisuu hin oolu. Kun immoo ogaafaanicha irratti gama adda addaan jijjiiramni akka uumama godha. Haaluma kanaan namoonni ogafaan nama tokko irraa dhaga’an, nama biraaf yoo jedhan akkasuma jijjiiramni gara garaa uumamaa deema jechuudha. Kuni ammoo ogafaan irratti jijjiiramni akka mul’atu godha.

Amala ogafaanii waan ta'eef, jijjiirama kana to'achuun hin danda'amu kanaaf, ogafaan tokkichi bifa (Version) gara garaatiin mul'achuu kan danda'uufidha.kana jechuun garuu qabiyyee isaa hunda gadhiisa jechuun miti. Ergaan isaa akkuma jirutti ta'ee, haala ittiin dhihaatutu jijjiirama. Qabiyyee keessaa hanga tokko hir'isuu ykn itti dabaluun dhi'eessa jechuu dha.

### 3 Yoomessa (yoom? Eessa?)

Wasanee (2000) jechi yoomessa jedhu jechoota afaan oromoo lama irraa ijaarame. Isaanis "yoom" fi "eessa" kanneen jedhanidha. Jechi jalqabaa (yoom) yeroo kan ilaalattu yoo ta'u, akka mata duree kanaatti yerootti ogafaan hurruubamu ilaallata. Jechi lammataa (eessa) bakkatti ogafaan hurruubamu agarsiisa. Kana jechuunis, ogafaan tokko hurruubamuu dhaaf yeroofi bakka mataa isaa danda'e qabaachuu isaati kunis yoomessa jedhama. Yoomessi gabaa baatti yaad rime yeroo fi bakka waliin qabateedha.

### 4 Uummatummaa

Misgaanuun (2011) akka ibsetti ogafaan kan raawwatu (hurruubamu) yoomessa dhugaa irratti hunda'ee dhimma hawaasaa irratti xiyyeeffateeti. Haala kanaan, hurrubummaan ogafaanii hirmaanna namoota bakka sana jiranii barbaada. Namoonni kunnenen jamaa jedhamu. Fakkeenyaaf yeroo namni du'u booyichi jira. Warra sagalee ol kaasee walaloo yookaan jechoota qindeessee yeedaloo itti uumee booyuun hurruubdota jechu dha.

### 2.1.2 Meeshaa aadaa

Adeemsa jiruufi jireenyaa dhala namaa keessatti meeshaaleen nama keessa fi alaa daran barbaachisaadha. Meeshaaleen kunis nam-tolcheefi kanneen immoo akkuma waaqayyoo uumetti kan hojii irra oolanidha. Eller (2007:55) "cultural materials are thinga- objects, sounds, actions, gestures and almost any other seedium- that "mean" somethings that have meaning " akka yaada kanaatti meeshaa aadaa jechuun jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti kanneen hiikkaafi bakka bu'iinsa mataa isaanii qaban hawaasichi miira isaa, eenyummaa isaa, seenaa isaa, faalasama isa kan ittiin calaqqisiisuufi dhimmaa adda addaatiif itti gargaaramu akka ta'edha. Meeshaan aadaa waanuma naannoo irraa argamuun ogeessa naannootiin hojjetamee yeroo dheeraaf tajaajilaaf kan oole akka ta'edha. Feqaasen (2003) damee fookloorii kanaaf hiika kanneen meeshaan aadaa ogummaa harkaa ummataa, fakkiiwwan bifa aadaatiin uummataan

hojjetaman, ogummaa ijaarsa gamoo fi kkf gama aadaatiin uummataan hojjetaman. Uffannaa aadaa, qophii dhugaatiifi nyaata aadaa hammata. Dameen kunis akkaataa amalaafi uumama isaaniitiin, akkaataan itti qoratamanis adda adda ta'uusaa ibseera. Ilmi namaa meeshaa teekinooloojiitti osoo hin fayyadamiin dura ogummaa uummata bira ture akka ta'edha. Haa ta'u malee meeshaalee kanaaf xiyyeeffannaan kennamee qoratama akka hin tures addeesseera. Akkaatuma kanaan, hawaasni oromoos wanta aadaa jalatti ramadamuun wantoota qo'ataman hedduu qaba. Isaaniis kan akka nyaata aadaa hawaasa Oromoo biratti beekkaman hedduutu jiru. Kanaafuu akkamitti yoom, maalirraa, maaliif akka hojjataman yoo qo'anne beekumsaafi falaasam akkasumas aadaa hawaasa sanaa dinqisiifachu dandeenya. Kana malees, meeshaaleen aadaa kan hawaasni wantoota adda addaa ittiin raawwatu gooroo kana jalatti qo'achuu dandeenya. Uffata aadaa hawaasa oromoo godina adda addaa yoo ilaale ogummaan gama kanaan jiru maal akka fakkaatu dinqisiifachuu dandeenya

. Kana malees, qoricha aadaa hawaasni oromoo iddoo adda addaa jiraatu itti fayyadamu, maaliirraa akka argamu, yoom akka argamu, akkamitti akka akka itti fayyadaman. K.k.f gooroo Applaa wanta aadaa jalatti qo'achuun ni danda'ama. Walumaagalatti isaan kanneen eeramaniifi kan biro wanta aadaa ta'anii halkaan tolfaman, ijaan mul'atan, qabatamaan aadaa hawaasaa keessatti faayidaa qaban gooroo wanta aadaa (malerial culture) jalatti ramadamanii qo'atamuu akka danda'anidha. Yaaduma kana Dirribaan (2001:91) Robart (1986) wabeeffachuun akka ibsetti meeshaalee aadaa kaa'uun dhaloota dhufuuf dabarsuun baratamaa waan hin dhufneef dhimmi aadaa dagatamaa fi irraanfatamaa akka deemu taasiseera. Dabalataan, meeshaalee aadaa bifa isaatiin qooduun rakkisaa waan ta'uuf malli fooyya'aan faayidaa isaatiin qooduu dha jedha. Yaada kan irraa kan hubatamu meeshaalee aadaa qabeenya uummataa ta'e kana xiyyeeffannoo kennanii kunuunsuun dhaloota dhufuuf dhatoota dhufuuf dabarsuun akka barbaachisu namatti agarsiisa

### 2.1.2.1 Meeshaalee Amantii Kan Dubartoota

Meeshaaleen amantii dame fookiloorii keessaa tokko yoo ta'an, ilaalchaa amantii kanneen calaqqisiisan akkasumas, ayyaaneffannaawwan amantii garaagaraa irratti tajaajila kan kennanidha. Meeshaaleen amantii kan dubartootaas bifa adda addaatiin kan argaman too ta'u, dubartoonni yoomessa garaagaraa keessatti waaqa ittiin kadhachuufi qajeelcha amantii ta'anii

kan tajaajilanidha. Yaada kana ilaalchisee Dirrib (2012:107) yoo ibsuu, “ulfaan adda addaa dubartoonni yeroo waaqefataan yeroo ayyaaneffatan ittiin waaqa kadhatanii dha.

### 2.1.2.2 Meeshaa Faaya Miidhaginaa

Faayni namoonni miidhaginaaf jecha bifa adda addaatiin hojjetanii kan itti fayyadamaniidha. Dirribaan (2001:92) Evans (1970) wabeeffachuun akka ibsetti, ilmi namaa wantoota jaalatuuf, fedhii jaalalaa qabu ibsuuf, qaama isaa bareechuuf, fedhii qabu hunda ibsuuf kan itti gargaaramu ogummaa aadaati. Kana malees faayaalee akkaataa itti gargaaramaniin bakka lamatti qooduun akka danda’amudha. Inni duraa kan aadaa, wantoota namoonni naannoo isaaniirraa argataniin fayyadamuun hojjetanii itti gargaaramaniidha. Inni biraa ogummaa namoota dhunfaatiin bifa garaagaraan kan hojjetaman ta’u. yaada kana  irraa kan hubatamu dhalli namaa of miidhagsuuf jecha faaya adda addaa hojjetee itti fayyadamun isaati.

### 2.1.3 Duudhaa Hawaasaa

Duudhaa hawaasa oroomoo ilaalchisee waan hedduutu argama. Fakkeenyaaf oromoon amantiin gaggeessuu maal akka fakkaatu, duudhaa fi safuu hawaasni kabajuu fi dhalootaa gara dhalootaatti akka dabru barbaadu, brnoota hawaasa iddoo adda addaatti beekaman, kabaja ayyaana adda addaa kan akka irreechaa, masqalaa, ateetee, hammachisaa, gaafata, gumaa sirnootaa fi k.k.f  gooroo kana jalatti qo’atamu. Aadaa fi duudhaan hawaasaa faayidaa hedduu ni qaba. Yaada kana irratti, Eller (2007:1) “As the concept of culture encompases varied aspects of wider scope, it plays a majorrolein the national development process. Now days it has become a plobal convention that any development program that does not pay attention to culture cannot bear fruit” yaada kana irraa kan hubatamu aadaan guddina biyya tokkoo keessatti ga’ee olaanaa qaba. Kanaaf aadaan yeroo ammaa kana sadarkaa addunyaatti xiyyeeffannoo guddaa kan argate yemmuu ta’u, guddinni hawaasa tokkoo guddina aadaa isaa wajjiin kan walitti hidhatee waan ta’eef aadaa ofiif xiyyeeffannoo kennuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan aadaan guddina dinagdeef, falaasamaaf, eenyummaaf, siyaasaafi amantiif ga’ee olaanaa qaba jedha. Kanaaf aadaan uummata tokkoof murteessaadha jechuudha. Aadaa bakka gurguddaa lamatti qoodanii ilaaluun ni danda’ama. Inni tokkoffaa, aadaa hin muldhanne (in visible culture) yommuu ta’u, gareen aadaa kana jalatti ibsamanis kanneen akka sirboota adda addaa, geerarsoota adda addaa duudhaalee amantii, jaalalafi jibba, heeraafi seera hawaasaa, safuu hawaasaa, akka walii galaatti

aadaalee afaaniin ibsaman aadaa hin muldhanne jalatti ramadamu jechudha. Kana jechuun aadaalee sochii aartii, sochii qaamaa fi meeshaalee aadaatiin kanneen hin deeggaramnee fi kanneen hin ibsamne garee aadaa hin muldhanne jalatti ramadamu. Gareen aadaa kanneen muldhatan isaan jedhaman irra caalaan mallattoolee aadaa adda addaan falaasamaafi kalaqa uumata tokkoo yookaan bocaman ta'anii aadaalee kanneen ibsaman calaqqisiisanidha. Aadaaleen muldhatan kanneen ibsuufi miidhasuu keessatti meeshaaleen nam tolchee fi meeshaaleen uumamaa ta'an hawaasa ibsuudhaaf ga'ee olaanaa qabu (Filee 2016:7)

### 2.2. Yaaxxina Qorannoo Fookloorii

Qorannoo tokko geggeessuuf wantoonnirratti xiyyeeffatamu qaban keessaa inni ijoo yaaxxina qorannooti. Zoltan (2005:255) yaaxxina qorannoo yemmuu ibsu, sakatta'a barruu keessatti yookaan jalatti qabxiin dhiyaachuu qabu inni biraan yaaxxina qorannoon sunirratti bu'uuruu qabuudha. Dhimmi kun ammoo kallattii biraan qorannichaaf dallaa akka ijaaruuti, jedha. kanaaf, qorannoon kun yaaxxinaalee fookloorii keessaa yaaxxina fayyadamaafi yaaxxina haalawaarratti hundaa'a. Sababni isaa yaaxxinaaleen kun qorannoo fookloorii kallattii tajaajila hawaasaaf kennuufi yoomessa uumamaa keessatti qorachuuf waan fayyadaniifi.

#### 2.2.1. Yaaxxina Fayyadamaa

Yaaxxinni fayyadamaa akaakuuwwan yaaxxina fookloorii keessaa tokko ta'ee, qorannoo mataa duree fooklooriin walqabatan kallattii ittiin tajaajila yookaan faayidaa hawaasaaf kennuun qorachuuf kan fayyaduudha. Fooklooriin yemmuu qoratamu faayidaa/tajaajila inni qabuun kan qoratamuudha. Sababni isaa faayidaan kun hinxinxalamu taanaan faayidaan fooklooriin tokko qabu osoo hinbaramiin hafa jechuudha.

Dabalataan, yaaxxinni fayyadamaa aadaa uummataa keessatti faayidaa inni kennu maal akka ta'e, jiruufi jireenya keessatti ga'een inni taphatu, malli ittiin qoratamu yaaxxina fayyadamaa jedhama. Wiliam Bascom (1965) yaaxxina kanatti fayyadamuun firiiwwan fookloorii jireenya uummataa keessatti maal akka fayyadaan gadifageenyaan ittiin qorachaa ture. Akka hayyuu kanatti, fookloorii yemmuu qorannu faayidaafi tajaajila inni kennu maal akka ta'e, qorachuun barbaachisaadha, jedha. Dorson (1972) Franz Boas wabeeffachuun fookloorii yemmuu ibsu, yaaxxinni fayyadamaa yookaan tajaajilaa fooklooriin hawaasa tokkoof akkamitti akka tajaajila kennu kan qoratuudha.

Qorataan kun faayidaa taphni ijoollee qabu qorachuuf, yaaxxina kanatti dhimma ba'uun qorannoo isaa geggeessee jira. Kana malee, qorannoon kun xinxala tapha ijoollee waan ta'eef gama faayidaa taphni kun ijoolleef qabuun xinxaluun akka kaayyoo tokkootti qorannoo kana keessa waan jiruuf yaaxxina kanaan walqabsiisuun ittii fayyadamee jira.

### 2.2.2. Yaaxxina Haalawaa

Yaaxxinni haalawaa kun gosoota yaaxxinaalee fookloorii keessaa tokkoodha. Maalummaa yaaxxina kanaa Richard Dorson (1972) akka jedhutti, yeroo ammaa yaaxxinni haalawaa mala qorannoo fookloorii ta'ee, addunyaa mararratti beekamee jira. Keessummayyuu, qorattoota baay'ee biraatti beekkamti waan argateef qorannoon akaakuuwwan fookloorii yaaxxina kanarratti hundaa'uun geggeeffamaa jiru, jedha. Kana malee, Dorson (1972:45) akkas jedha, "…the folklore concept apply not to a text but to event in time in which a tradition is performed or communicated." Akka ibsa kanatti, yaadrimeen fookloorii barreeffamarratti osoo hinta'iin taatee yeroo inni itti raawwatu yookaan geggeeffamuutti kan qoratamuudha.

Hayyoonni kanneen akka Roger Abraham, Dan Ben Amos, Alan Dundes, Rober Georgefi Keneth Goldsteinfaan bara 1960ta keessa yeroo yunivarsitoota Indiyaanaafi Penislavaniyaa keessatti barattoota PhD turan qorannoo isaani kan ittiin geggeessaa turaniidha. Kaayyoon yaaxxina kanaa inni guddaafi ijoon qorannoon fookloorii aadaa hawaasa tokkoo mul'isu yookaan ibsu yoomessa uumamaa keessatti qoratamuu qabaa, jedhu. Kunis bakka fooklooriin kun itti raawwatamu sanitti wanti qoratamu sun maal akka fakkaatu, akkamitti akka hurruubamu yookaan raawwatamu yoomessa uumama keessatti qorachuudha.

Qorataan kun yaaxxina kana mata-duree isaa waliin walsimsiisee, yoomessa uumamaa keessatti kallattiin qaama dhimmi ilaalu bira ga'uun, taphni ijoollee maal akka fakkaatu? Akkamitti akka raawwatu? Yoomessa akkami akka barbaadu? Adeemsa akkami keessa akka darbuufi yeroo raawwatu maal maal akka barbaachisu qorachuuf yaaxxina kanatti fayyadamee jira.

Mata-duree kabaja ayyaanaa Qaammee jedhu qorachuuf, yaaxxinni barbaachisu kana jedhamee adda ba'ee kan taa'e, jiraachuu baatuus qoratichi yaaxxinaalee fookloorii jiran keessaa kanneen armaan olitti ibsaman mata-duree qorannoo kanaan walitti dhiheenya qaban jedhee waa yaadeef, filachuun ittii dhimma ba'ee jira. Yaaxxinaalee kanneen fayyadamuun kan barbaachiseef, yaaxxinni tokkichi qorannoo kanaaf gahaa waan hintaaneefi.

## 2.3. Sakatta'a Barruu Walfakkii

Mata-duree qorannoo geggeessan tokkorratti qorannoon isa fakkaatu kan duraan qoratamee jiru dubbisuun kallattii qoratichi ittiin ilaale adda baasaani fooyyeessuun adeemsa qoranoodha. Haaluma kanaan, qorattuun hamma danda'ameetti barruu walfakkii sakatta'uuf yaalteeti. Haata'u malee, hanga yaadame argachuu baatuus kanneen armaangaii sakatta'eera.Bayyush G/Tsadiq [2012]. sirna kabaja Ingiccaa shamarranii Godina Shawaa Lixaa Aanaa Jalduu,yuunivarsiitii Ambootti kan hojjatame sakattateeti.qorattuun kun faaruu ayyaanicha qofa irratti xiyyeeffatte.Kabbee Tolasaa[2006].Sirna kabaja ayyaana Ingiccaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Jalduu,yuunivarsiitii Ambootti hojjatame sakattateeti.Qorannoo qorattuu kanarraa adda taasisu, qorata ku hirmaattot ayyaanicha qofa irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u,kan qorattuu immoo kabaja ayyaanaa Qaammee irratti xiyyeeffatte.

## BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNOO

Boqonnaa kana keessatti tooftaalee qorannichaafi mala qorannichaan walqabatan kan akka iddatteessuu,tooftaa funaansa ragaa, meeshaalee funaansa ragaa,madda odeeffannoo fi mala qaaccessa ragaa kan of keessatti haammatu ta'a.

### 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoo kana galmaan ga'uuf saxaxni qorannoo filatame saxaxa qorannoo akkamtaati. Maddi ragaa qorannichaa madda ragaa tokkoffaafi lammaffaati. Maddi ragaa tokkoffaa mala iddatteessuu miti carraa kaayyeffataafi darbi dabarsaadhaan iddattoowwan kan filatamaniiru. Maddi ragaa lammaffaa immoo sakatta'a dookimentiiti.. Meeshaalee funaansa ragaa keessaa af gaaffiifi marii gareetti dhimma ba'eera. Ragaaleen haala kanaan walitti qabaman mala ibsa akkamtaatiin dhiyaataniiru.

### 3.2. Madda Ragaa

Maddi ragaa qorannoo kana gaggeessuuf dhimma itti bahame madda ragaa tokkoffaafi lammaffaaati. Maddiragaa tokkoffaa manguddoota, haadholii, shamarranii fi dargaggoota aanaa Jalduutti.Kana keessatti Abbaan dhimmaa qorannoo kanaa shamarraniidha. Maddiragaa lammaffaa immoo sakatta'a dookimantoota adda addaa qorannichaan wal qabatan, Waajjira Aadaafi Turiziimii Godina Shawaa Lixaa fi Waajjira Aadaafi Turiziimii Aanaa jalduutti argamanidha.

### 3.3. Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatamni qorannoo kanaa hawaasa oromoo Aanaa jalduu jiratan irratti. Hawaasa kana keessaa jaarsolii, haadholii, shamarraniifi dargaggoota keessaa mala iddattoo adda addaan hawaasa keessaa filatan irratti kan gaggeeffameedha.

### 3.4. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Iddattoon tuuta qorannoon irratti gaggeeffamu keessaa namoota ragaa kennuu danda'an filachuudha. Haaluma kanaan iddattoon qorannoo kana gaggeessuuf filadhe gandoota Aanaan jalduu qabu 24 Iddattoon tuuta qorannoon irratti gaggeeffamu keessaa wantoota yookaan namoota raga kennuu danda'an filachuu dha. Haaluma kanaan iddattoon qorannoo kana

gaggeessuuf filadhe gandoota Aanaa Jalduu qabu24 fi bulchiinsa magaala 3 qabu keessaa gandoota 5 filataman kana keessaa immoo jaarsolii, haadholii, dargaggoota fi shamarranii filataman kun kallattii adda addaatiin odeeffannoon barbaadamu kennameera. gandoota filataman kana keessaa immoo jaarsolii,haadholii, shamarraniifi dargaggoonni filataman kun kallattii garaagaraatiin odeeffannoo barbaadamu kennu jedhamanii kan yaadamanidha.

Qorannoo tokko keessatti iddattoo filachuuf hawaasicha keessatti mata duree sana ilaalchisee namoota beekumsaafi hubannoo qaban adda baafachuudha. Malli iddatteessuu qorannoo kana gaggeessuuf dhimma itti bahame malleen jiran keessaa mala miti carra yoo ta'u kana keessaa mala kaayyeffataafi darbi dabarsaatti dhimma kan bahedha. Sababiin isaas iddatteessu miti carraa keessatti odeeffannoo himtoonni kan filataman miseensuma hawaasaa sana keessa jiran keessaa carraadhaan osoo hin taane beekumsa sirna tokko raawwii taateewwan adda addaa keessatti gaheefi muuxannoo kan qabani. Kanaaf qorattuun qorannoo kanaa mala kanatti kan fayyadamteedha.

### 3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaa

Addunyaa (2011:64) qorannoo tokko gaggeessuuf odeeffannoon funaanamuu qaba. Odeeffannoo gaaffii akkami? Akkamitti? Jedhu deebisuuf afgaaffii hin caasaffamne, marii garee, daawwannaa dookimantii garaagaraa xinxaluufi WKF gaggeessuun funaanama jedhuun ibseera. Haaluma kanaan qorannoo kana gaggeessuuf meeshaaleen funaansa ragaa dhimma itti bahamu af gaaffii marii garee xiyyeeffannoofi dookimentii xiinxalameedha.

#### 3.5.1. Af gaaffii

Qorannoon yeroo gaggeeffamu mala ragaan ittiin walitti qabamu keessaa tokko af gaaffidha.

Haaluma kanaan af gaaffii hin caaseffamnefayyadamuun jaarsolii, haadholii, shamarraniifi dargaggoota dhimmicha irratti hubannoo qabu jedhamanii kaayyeffatamanii filataman wajjiin fuulaa fuulatti walarguun gaaffii sirboota ayyaana Ingiccaa, adeemsa raawwii ayyaana Ingiccaa meeshaalee sirna ayyaana Ingiccaa keessatti barbaachisanii, faaya miidhaginaa kabaja ayyaana Ingiccaatiif dhimma itti bahanii fi jijjiiramoota sirna kabaja ayyaana Ingiccaa irratti dhufe irratti hundaa'uun af gaaffiin taasifameen odeeffannoon funanaameera. Sababni gaaffiin hin

caaseffamne dhimma itti bahamuuf odeeffannoo kennitoonni daangaa malee kallattii garaagaraan deebii kennuu ni danda'u jedhamee waan amanameefi.

### 3.5.2. Marii Garee

Mariin garee karaa ittin odeeffannoo funaanan keessaa isa tokko. Haaluma kanaan marii gareetti fayyadamuudhaan manguddoota, haadholii, shamarraniifi dargaggoota sirna kabaja ayyaana Ingiccaa irratti hubannoo qaban gaaffilee marii dhiheessuufidhaan namoonni iddattoof filataman waliin mari'achuun qorattuuf akka odeeffannoo gahaa kennan ni taasifameera.

### 3.5.3. Xiinxala Dookimentii

Waajjira Aadaafi Turiziimii Godina Shawaa Lixaafi Aanaa jalduu irraa ragaalee sirna kabaja ayyaana Ingiccaa irratti qindaa'aniifi waraabamanii jiran sakatta'uun dhimma itti bahameera. Akkasumas qorannoo mata duree kana waliin walitti dhufeenya qaban sakatta'amaniiru.

### 3.5.4. Daawwannaa

Daawwannaan qorannoo aadaa keessatti meeshaalee odeeffannoo ittiin walitti qabatan keessaa daraan filatamaadha. Daawwannaan bakka raawwii sirna tokkootti, bakka himamsa tokkootti, akkasumas daree barnootaa barnoonni kennamaa jiru keessatti argamanii ijaan arganii fi gurraan dhagahanii mala odeeffannoon ittiin funaannatanidha. Daawwannaan haala adda addaan raawwachuu danda'a. haaluma kanaan qorannoo kanaafis, taateewwan ykn sirna kabaja ayyaana Ingiccaa irratti kallattiidhaan guutummaa guutuutti irratti hirmaachuudhaan odeeffannoo walitti qabadheera. Kana jechuun sirna kabaja ayyaana Ingiccaa irratti argamuun adeemsa kabaja ayyaana Ingiccaa meeshaalee sirnichi keessatti barbaachisan fi k.k.f daawwachuun qorattuun odeeffannoo gahaa funaanatteti[Ganda kilbee,2012,badhaas qorichaafiqoricha dheeraa 2013].

## 3.6. Mala Qaaccessa Ragaa

Odeeffannoowwan kabaja ayyaana Qaammee , ergaa sirboota sirnichaa, meeshaalee ilaalchisee akkasumas, jijjiirama kabaja ayyaana Qaammee irratti mul'ate odeeffannoon af gaaffii, maree garee,sakatta'a dookimentii fi daawwannaanii argaman walitti qabamanii irra deddeebi'uun erga barreeffamee qindaa'een booda dhiyaataniiru.

Ragaalee walitti qabaman irraas ergaan isaanii maal akka ta'an, akkamitti hubatamuu akka danda'an mala ibsa akkamtaatti fayyadamuun ni qaacceffamaniiru. Haala kanaan ragaalee qorannichaa irratti qaaccessi akkaataa barbaadamuun adeemsifameera.

### 3.7. Naamusa qorannoo

Qorannoon yeroo gaggeeffamu adeemsaafi naamusa mataa isaa qaba. Namni qorannoo gaggeessuus of eeggannoo gochuun dhimma qoratu sana seeraan adeemsisuutu irra eggama. Kunis hawaasa sanaan walfakkaatanii akka isaanitti yaaduufi raawwachuun safuu hawaasichaa eegaa itti deemuu qabu. Qorattuunis hawaasa kana wajjin turtee dursa waan gochuu qabduufi dhimma lagaachuu qabdu akka himaniif gaafatte. Sana booda bakka hojiitti argamuun waan waraabachuufi suuraa kaasuun barbaachisu of eegannoon hawaasaaf amanamaa taatee jirti. Suurrichi maaliif akka oolu dursa itti himuun fedhii qabaachuu isaanii addaan erga baafatte booda hojii qorannoo ishee itti fufte.

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE

Boqonnaa kana jalatti kabaja ayyaana Qaammee irratti ragaalee madda adda adda irraa funannamatu qaacceffame. Ragaalee mala odeeffannoo itti funaanu afgaaffiifi marii gareetiin jaarsolii, haadholii, shamarranii fi daraggoota irraa walitti qabame. Akkasumas sakatta'a dookmantiin waajjira Aadaa fi tuurizumii biraa argame. Waan walfakkatanii fi walitti dhiyeenya qabaniin bakka tokkotti qaaccessame dhiyateera. Kana malees, daawwannaan yeroo kabaja ayyaanaQaammee jiru irratti argamuun akkaataa raawwii kabaja ayyaanicha irratti ragaaleen walitti qabamaniiru.

## 4.1. Adeemsa

Qunniin akka Aanaa Jalduutti marga lalisaa dheeraa shamarran ayyaana isaanii irratti laga buqqifatanii dhahanii  harkatti qabatanii kan adeemanii dha. Adeemsa kabaja ayyaana Qaammee ilaalchisee ibsi  odeeffannoo kennitoota af gaaffii fi mari gareetiin argametti, ayyaanni Qaammee akka Aanaa Jalduutti ayyaanota kabajaman keessa isa tokkodha.

Ayyaanni Qaammee  kan kabajamuu hagayya 6 ykn fulbaana 1 dha. Ayyaanni kun waggaadhaan waan dhufuuf shamarran haala ho'aadhaan eeggatu. Maatiinis shamarran kanaaf waan barbaachisu faaya adda addaa fi waan nyaataa fi dhugaatiif barbaachisu dursee akka humna isaatti qopheessaafi. Adeemsi raawwii kabaja ayyaana kanaas kan eegalu guyyaa jalbultii dursee akka ta'e odeefanno kennitoonni qorattuutti himaniiru.

### 4.1.1. Qophiilee kabaja ayyaanichaaf raawwataman

Ayyaanni Qaammee raawwachuun dura wantoonni qophaa'an ni jiru. Isaanis;uffata ayyaanichaaf ta'ubitachuu,nyaatafi dhugaatii qopheessuu,shurrubbaa dha'achuufi dhadhaa dibannaaf [addannoo] qopheessuudha.Uffanni ayyaana kanaaf bitamu immoo halluu magariisa ta'ee kan ililli adda addaa of keessaa qabudha.kunis kan mul'isu wayitii sanaatti halluun faa magariisafi ililliiadda addaatiin kan guutame ta'uu isaa mul'isa.Akkasumas midhaan nyaatafi dhugaatii guyyaa sanaaf ta'u kanneen akka garbuu dheedhii,biqilafi dhadhaa qopheessuu.kanamalees shurubbaa ayyaanicha irratti ittiin bareedan dha'atu. Shurrubbaan kunis gosa adda addaa qaba. Isaanis ;irraan gadee,dalgeefiadda jaleedha[Addee.Muluu Addunyaa ]

### 4.1.2. Jalbultii /Buqqisaa

Guyyyaa kana shamarran oromoo Aanaa jalduu kanneen hin heerumnne wal waamanii walitti dhufanii sirbaarra gara lagaa deemuun qunnii buqqifatanii sirbaa gara qe'ee isaanitti deebi'u. shamarran kun jalabultii ykn qunni buqqifannaa irraa kaasee hanga guyyaa ayyaanichaa xumuramutti gamtaan waliin ayyaaneffatu waan la'eef guyyaan kun jalqabbii walitti dhufeenya isaaniiti. Akka odeeffannoo kennitoonni qorattuutti himanitti qunniin buqqifamuun isaa kun waan lamaaf akka ta'edha: jalqaba margi ittiin kabajnu kun hundee qaba, jedhaadha ayyaanni keenyas akkuma kennaa keenya kanaa hundee haa qabaatu ergaa jedhu qaba. Inni lammataa yoo haamame dameen isaa ni bittina, ni gabaabbata waan ta'eef gonoggonuuf mijataa waan hin taaneef akka dheeratee mijataa ta'utti hundeedhaan buqqifatu. Qunni buqqifatan kanas maatii isaaniitiinis deeggaraman dhahatu.. Kan dha'aniifis margichi wal jabeessee dheeratee akka utubaa manaatti hidhamuu danda'uuf akka ta'e odeeffannoo kennitoonni af gaaffii fi mare garee waliin taasifne qorattuuf ibsaniiru[Addee Caaltuu Xaafaa], Kanarraa kanan hubatte kabajni ayyaana Ingiccaa haala ittiin eegaluun qophii duraa kan qabu ta'uusaati. Akka odeeffannoo kennitooni (haadholii) qorattuuttii himatti guyyaan buqqisaa guyyaa jalbutii yookaan jalqabamuu kabaja ayyaana Ingiccaa mul'isan keessaa isa hangaafati guyyaa kana ijoolleen shamarranii kan hin heerumne hundi walgaluun eeyyama dhufatanii gara bakka qunniin yookaan buqqisan jiru deemu.[ragaa Afgaaffiitiin Addee Hawwii Galaanaa irraa argame]



**Suura 1 Guyyaa ayyaanichaa (Toltuu Kabbadaa 05\12\2013)**

### 4.1.3. Guyyaa Qaammee ganama

Akka odeeffannoo kennitoonni qorattuutti himanitti guyyaa ayyaanni Qaammee kabajamu ganama shamarran Ingiccaa /qunni hidhuu gara ollaatti osoo hin bahiin dura haatiifi abbaan isaanii ganamaan kaa'anii ijoolee isaanitii fi ayyaanichi gaarii akka ta'u dhibaayyuu qabatanii eebbisuun dhibaayyuu qophaa'e san unsiisu. Kun kan taasifamuuf maatiin ijoollee isaaf waan gaariin akka qunnamu waan hawwuuf kan eebbisu akka ta'e dha. qunni gonoggonatan sana osoo ollaaf hin hidhiin dura utubaa maatii isaaniirratti hidhuu. Kanas kan taasisaniif hunda dura aanteen isaanii maatii isaanii waanta'eefi dha yaada jedhu ibsaniiru.

Erga kana taasisanii qunnii dha'ame fi dibduu dhadhaa isaanii qabatani shamarran olla waliin walitti dhufanii sirbaa mannnen ollaarra naaanna'anii qunnii hidhuu eegalu. Qaammeekun kan hidhamu utubaa manaattii dha. sababa utubaa manaatti hidhamuuf, akkan odeeffannoo kennitoota irraa qulleeffadhetti,utubaan bu'uura manaati, cimsee kan manicha qabee dhaabu isadha. Manni utubaa malee hin dhaabatu. Utubaan manaa cimaa /jabaataa ta'uu qaba. Kanaaf utubaan keessan, qe'een keessan haa jabaatu, jireenyi keessan hin digamiin hawwii jedhu agarsiisuu fi qunnii fo'ame jabeessanii akka sabbata dubartiitti mudhii utubaa mana isaa gidduutti hidhu yaada jedhudha. Warri manaas shamarran qunnii hidhaan kanaas qabeenya isaani itti dhadhaa dibduu isaanii keessa buusuuf, dhangaa ayyaanichaaf qophaa'es ni laatuufi. Inni guddaan garuu eebba egeree isaanii jabeessu olla isaaniirraa argatu. Isaanis warra manaa eebbisaa sirbaa ba'uun gara mana biraa deemu.Guyyaa Qaammee ganama ilaalchisee odeeffannoo kennitonni akka ibsanitti guyyaa ayyaana Ingiccaa ganama sirni kabaja ayyaanicha manumaa kan ka'uu fi mana ijoolleen duburaa iin heerumni jiran hundatti kan kabajamudha. Kabaja kana keessatti ijoolleen shamarran ganama subii lafaa ka'uun mana sireessan qunni yookaan Ingiccaa gaafa jala bultii buqqisan sana hidhu. Yeroo kana ijoolleen gurguddoon ijoolee isaan umurii xixxiqoo ni deeggaru. Erga hidhaniin booda abbaa fi haati ijoolee isaanii kabaja ayyaana kanaa deemuuf qophaa'an kana dhibayuu fi nyaata qophaa'e dhibafachuun ijooleen isaanii ni eebbisuu. Eebbii isaanii kun erga adda addaa of keessaa qaba[ragaa afgaaffiitiin Aaddee Asteer Magarsaa,Baay'isee TumsaafiHasheetii Baqqalaa].

Akka odeeffannoo kennitooni ibsanitti, ergaan eebbii kun of keessaa qabu:- ijooleen dubaraa hanga umurii isaanii ga'uutti wantoota aad-malee ta'an irraa akka of eegan. Akkasumas yeroo umurii isaanii ga'uutti gaa'elaa akka ijaaratanii fi gaa'elli sun immoo gaa'ela eebbifamaa akka

ta’uuf hawwii qaban karaa eebbaa kanaatiin ibsuuf. Kamalees, erga gaa’ela godhataniin booda ammo daa’ima akka godhatan eebbuma kanaan ibsuuf. Erga eebbaa maatii isaanii irra fudhatan booda walitti dhufuun wal eeganii sirbaa gara mana ayyaantu ganda sana keessa. Jiruu deemuun qunni gongoomane sana hidhuuf yookaan ammoo kennuuf. Raga odeeffannoo kennitootaa kanarraa wanti hubatamu ayyaanni Qaammee yeroo kabajamu wantootni dura duuba isaa eegachuun yookaan tartiiban kan raawwatamu yoo ta’u, wantoonni raawwatama hundu waan raawwatamanii fi ergaa mataa isaa kan qabuudha.

Kanuma irraa ka’uun erga ragaalee kanaa yoo qaaccessinu. Dubarri akkuma lafaa ka’aniin mana qulqulleessinu isaanii kan mul’isu ijoolleen dubura mana qulqulleessu keessatti ga’ee olaanaa kan qabaniif, qe’een duburri jiran mana isaaniif illee akka kunuunsa akka godhan kan agarsiisuu fi ganama osoo mana ofii keessa balfaa hin basin hojii kamiyyuu akka hin hojjatame irraa hubanna. Kamalees maatiin ijoollee isaaniif dhibayyuu fi nyaata qopheessuun ijoolleen isaanii eebbisuun jaalala fi kabaja ijoolleen isaaniif qaban kan ibsu yo ta’u ijoolleen immoo eebba warra isaanii akka milkii gaariitti fudhatu. Akkasumas dubbii maatii isaanii eebba keessatti dubbatan ni qalbeeffatu. Itti dabalees akkatuma odeeffannoo kennitoota irraa ragaan argadhe ibsutti shamarran guyyaa kabaja ayyaana Ingiccaa ganama akka wal ga’an (walitti dhufaniin) mana namoota osoo seenuu yookaan qunni darbuu hin eegali dura qe’ee shamarreen bara sana heerumte jirtu deemun faarsanii ofitti dabalanii gara qe’ee ayyaantuu ganda sana keessa jirutti deemuun faarsanii qunnii hidhanii kennaa kennameef fudhatanii gara mana namoota deemu jalqabu. Yaada kanarraa wanti hubatamu ummata oromoo biratti ayyaantuu kabaja guddaa kan qabuu fi dursii kan kennamuuf ta’uu mul’isa. Akkasumas sababni shamarree bar asana heerumte (baranee) baay’ata bira deemaniif shamarreen sun bar asana qofa isaan wajjin kabaja ayyaana Ingiccaa irratti argamti waan ta’eef jaalala ishee qabanii fi nagaa itti dhamachuuf akka ta’e irraa hubadheera.



**“suura 2” Guyyaa Qaammee ganama[Abarruu Ifaa,06\13\2o13]**

Guyyaa ayyaana Qaammee ayyaana isaanii waan ta’eef umaan isaanii isaanitti dhiyoo jira jedhanii waan amananiif shamarran waaqa yoo kadhatan waaqa biraati dhageetii qabu. Kadhatan waaqa irraa hin ahabani amantaan jedhu hawaasa bira akka jiru odeeffannoo kennutoonni himaniiru. Kanaaf guyyaa Qaammee yeroo qunnii hidhuu deeman namni waan rakkate tokko qabuufi hiikoo ykn furmaata waaqa irraa barbaadu shamarran akka waaqa kadhataniiif ni wareega. Shamarranis waaqayyo waan yaadan guutiif, rakkoo qaban furiif jechuun kadhatu. Wareega jechuun yoo waaqa naaf kadhattanii waanan barbaadu irraa argadhe waggaa haraa kanan isiniif godha jedhanii waagaa galuu akka ta’es qorattuuf addeessaniiru. Haaluma kanaan wareegni taasifamuufii ni jira. Wareega kana baayyinaan kan raawwatu dubartootadha. Wanti wareegamus baay’inaan nyaataa fi dhugaatii hanga horii qalmaattidha. Namni bara kana wareege waan yaade sun yoo guutameef ingiccaa itti aanutti waan wareege sun qopheessuun wal sassaabanii dhaqanii wareega isaanii akka irraa fudhatan dursee itti hima. Shamarranis walitti himanii dhaqanii waan wareegameefii sun nyaatanii dhugu. Kun ganama yeroo Ingiccaa hidhan keessatti hidhaa erga xumuranii raawwata. Kana booda warri manaas guddadhaa waggaa waggaa gahaa, gaa’ila keessan ga’aa kadhattan waaqarraa hin dhabiinaa jechuun eebbisu. Shamarrannis eebba erga fudhatani booda isaanis warra manaa eebbisuun sirbaa bahu. Kanarraa kan hubatamu shamarran guyyaa ayyaana ingiccaa maatii isaaniifi hawaasa biratti jaalalaa fi kabaja guddaa qabaachuu isaaniti.

### 4.1.4. Guyyaa

Shamarran erga olla isaan irra deemanii sagantaa qunnii hidhaa raaawwataniif, wareegas yoo qabaatan fudhatanii booda gara isaanittii deebi’uun uffata kabaja ayyaanichaaf qophaa’eef uffatanii faayamanii akkaataa walitti dhufeenya isaaniitiin walitti dhufanii baraneen naannoo isaanii yoo jiraatte sirbaa gara mana warrashii dhaqanii fudhatanii ba’uun gara dirree ayyaannichi waliin itti kabajamuutti deemu. Akka odeeffannoo kennitoonni afgaaffii fi marii garee irratti jedhanitti baranee kan jedhamtu dubara bara sun keessa heerumtedha. Baraneen kun ayyaana Ingiccaa kabajuu irratti kan hirmaattubaruma saniif qofa gara mana maatii ishii deemuudha isa dhumaaf shamarran naannooshii /addooyyeewwan ishii wajjin ayyaanichaa kabajatti. Baranneen Ingiccaa /qunnii laga buutee hin buqqifattus, hin hiitus yaada jedhudha. Shamarran kun bakka ayyaanichi walii ni kabajamutti baay’ina waan qabaniif garee gareen qoodamanii sirbaa oolu. Taphaa adda addaa ayyaanicha irratti taphatamu kan akka horsuphe jedhamu lama lamaan harka walqabatanii ariitiidhaan kan naanna’an walitti marsanii olutaalaa qaaman socho’aa akka taphatanii fi cimdii cimdiidhaa walitti garagalanii osoo bakka dura dhaabalan hin gadhiisan olutaalchoo wal dorgomanii akka taphatanillee qorattuutti himameera. Iddoo sirni kun itti gaggeeffamuutti dargaggeessi naannoo suni walgurmeessee achitti argamuun ayyaanicha daawwataa akka ooluufi achumaanis dubara boru haadha mnaa isaaf ta’uu dandeessu akka ilaallatulee odeeffadheera. As keessatti kan hubatamu ayyaanni Ingiccaa hundeeffama gaa’ilaa keessattilee gahe qabaachuu isaati.



**“suura 3” Guyyaa Qaammee (Hawwii Kumaa,06\13\2013)**

Shamarran kunneen haala kanaan gamtaan ayyaana kabajatan kana waliin ta'anii gammachuu dhaan sirbaa fi tapha garaa garaatiin erga kabajataa oolanii gara galgalaa sirbaa fi walfaarsa gara mana isaanitti deebi'anii akka galan naa ibsaniiru. Kana irraa waan hubatu ayyaanni Ingiccaa adeemsi isaa jalqaba, raawwii fi xumura mataasaa kan qabu ta'uusaati. Kana keessatti shamarran ga'ee isaanii haala nama hawwatuun bakka bakka isaatti akka raawwatan odeeffannoo kennitoonni afgaaffii fi marii gareetiin argame irraa hubadheera. Akkasumas suuraan waajjira Aadaa fi Tuurizimii irraa argamanii as keessatti hammatamanis namatti agarsiisu.

## 4.2. Meeshaalee

Meeshaalee kabaja ayyaana ingiccaa keessatti dhimma itti ba'amuun walqabatee argamaniif odeeffannoo kennitoonni afgaaffii fi marii gareetiin akka ibsanitti,ayyaana Ingiccaa irratti meeshaaleen dhimma itti ba'aman akka jiranidha. Meeshaaleen kun kanneen akka okkotee, xuwwee, qunnii, dibduu dhadhaa, dhadhaa haadholiin shamarraniif kennaniifi utuba manaa akka ta'anidha. Meeshaaleen kun tajaajila kennaniif madda irraa argamaniin garaa garummaa akka qaban odeeffannoo kennitoonni afgaaffii fi marii gareetiin tokkoon tokkoon isaaniitiif bal'inaan akka kanattii aanee jirutti ibsa irratti naa kennaniiru.

### 4.2.1. Okkotee

Meeshaan kun suphee irraa namoota naannoo ogummaa suphee dhahuu qabaniin kan hojjetamtu ta'ee, guddinni ishees giddu galeessadha. Okkotee kanatti dhugaatii geeshoo malee naqamutu shamarran Ingiccaa hiituuf qophaa'a. dhugaatiin kun bordee /buqqurii jedhama. Shamarran Ingiccaa hiitee afaan duwwaa hin baatu amantii jedhu waan qabaniifi yeroo Ingiccaa hidhanii ka'an dhugaatii kana unsiisu yaada jedhu odeeffattoo afgaariifi mare garee akkasumas ragaan daawwannaan irraa hubatameera.



**"Fakkii 4" Okkotee**

Dhugaatiin bordee kana jifuudhaaf unatu malee baayyee hin dhugan waan ta'eef bordee kana naquuf meeshaan xinnaan kun filatamaa akka ta'e odeeffannoo kennitoonni naafa ibsaniiru. Ibsan argadhe irraa anis yaada kana haaluma kanaan hubadheera.

### 4.2.2. Xuwwee

Xuween meeshaa manaa xinnoo suphee irraa nama ogummaa suphee dhahuu qabuutiin kan hojjetamtu taatee tajaajila adda addaatiif oltee guyyaa Ingiccaa garuu shamarraniif itti nyaanni marqaa marqamaafi. Guyyaa Ingiccaa osoo shamarran gara Ingiccaa hidhuutti hin deemiin haadholiin ganamaan ka'anii nyaata qophaa'e kana erga nyaatanii booda Ingiccaa hidhuu eegalu.



**"Fakkii 5" Xuwwee**

Sababni nyaanni marqaa filatameefis akka naa ibsanitti nyaanni kun akka Aanichaatti nyaata aadaa jaalatamaadha. Kan biraa yeroon ayyaanni Ingiccaa itti kabajamu ganna walakkaa waan ta'eef baayyee qorra. Shamarran kun immoo ganamaan qorra keessa yoo roobes rooba keessa deemanii qunnii waan hidhaniif akka qorra kana hanga tokko damdamataniif waan ho'aa nyaachuu isaan barbaachisa kan jedhudha. Kanarraa kan hubatamu guyyaa ayyaana Ingiccaa nyaata shamarranii qopheessuuf meeshaan aadaa kun ga'ee kan qabdu ta'uudha

### 4.2.3. Qunnii

Qunniin gosa margaa dheeraa gaanfuraa qabu laga /caffee keessatti margudha. Shamarran kabaja ayyaana Ingiccaatiif guyyaa buqqisaa /jala bultii gara laga deemuun qunnii baayyinaan

buqqifatu. Qunnii buqqifatan kana galgala maatii isaanii wajjin taa'anii hamma isaan ga'udha'ataa bulu.



**"Fakkii 6" Qunnii fo'ame**

Ganamaan ka'anii qunnii dha'ame kana qabatanii mana maatii isaanii irraa eegalanii manneen naannoo isaaniitti argamu irra deemuudhaan utubaa manaa isa gidduu irratti tokko tokko hidhuufi. Kanaaf qunniin /Ingiccaan kabaja ayyaana Ingiccaa keessatti meeshaa ga'ee guddaa qabu ta'uusaa hubatameera.

### 4.2.4. Dibduu dhadhaa

Dibduun dhadhaa meeshaa buqqee xinnoo arraa hojjetamudha. Qadanni ishii immoo waan adda addaa irraa tolfamaafi. Rarratoon ishiimmoo teepha laafaa irraa tolfamaafi. Yeroo tokko tokko ala ishiirra migira halluu cuuphameen hodhanii miidhaksu. Guyyaa Ingiccaa ammoo shamarran yeroo Ingiccaa hidhuu deeman rarraafataniit deemu. Warri Ingiccaa hidhanii sun dhadhaa qonxoraniit dibduu kana keessa buusuufi. Ayyaanichi kan durba qarree waan ta'eef qarree kee dubadhu jedhuun. Achitti dibuun mana baayyee waa seenaniif mijataa miti. Kanarraa kan hubatamu dibduun dhadhaa meeshaa hawattuu shamarran guyyaa Ingiccaa dhadhaa mataa dibatan kan keessa kaawwamuufiidha. Haawwattu ta'uun ishiis suuraan qabsiifame kan namatti mul'isudha.



**“Fakkii 7” Dibduu dhadhaa**

### 4.2.5 Dhadhaa

Dhadhaan gosa dibataa waan adda addaatiif dhimma itti ba’amu ta’us guyyaa ayyaana Ingiccaa garuu haadholiin shamarran qunnii isaanii hidhaniif kennaa dhadhaa kichuu addaanuu dibata mataaf ta’u qopheessaniifidha. Akka duudhaa oromoo Aanaa Jalduutti shamarran guyyaa Ingiccaa, Ingiccaa hiitee harka duwwaafi afaan duwwaa bahuu hin qabdu amantaa jedhu waan qabaniif haadholiin dhadhaa kana akka qopheessanii dubduu keessa buusaniif odeeffannoo kennitootarraa odeefadheera.

### 4.2.6. Utubaa Manaa

Utubaan manaa muka duudaa furdaa naannoo dhuma sunii muramu ta’ee, yeroo manni ijaara mu gidduu dhaabameet manicha jabeessee qabuudhaan bu’uura manicha kan ta’udha.

Guyyaa ayyaana Ingiccaammoo shamarran qunnii gonoggonotan utubaa manaatti hidhuun hawwii qe’een sun akka hin diigamne, akka jabaatu qaban ittiin ibsu. Shamarran manicha dhaqan hundi Ingiccaa tokko tokko utubaatti hidhu. Baayyina shamarran Ingiccaa naannoo tokko jirtuutu murteessa malee daangaa hin qabu. Akka walii galaatti waanan hubadhe meeshaaleen aadaa kabaja ayyaana Ingiccaa irratti tajaajila adda addaatiif oolan kun, okkoteen kan itti buqqurii


shamarran Ingiccaahiituuf naqan, xuwween guyyaa Ingiccaa shamarraniif kan marqaa itti marqan, qunni /Ingiccaa gonoggonamaan kan shamarran guyyaa Ingiccaa mana ollaatti hidhan, dibduun dhadhaa shamarran Ingiccaa hidhaniif kan dhadhaan keessa kaawwamuufi utubaan immoo kan Ingiccaan itti hidhamu ta'uusaa hubadheera. Kan jiran ta'uusaati.

### 4.3. Faaya Miidhaginaa

Faayota miidhaginaa kabaja ayyaanaa ingiccaa irratti hirmaattonni ayyaanichaa ittiin of faayani ayyaanicha kabajan maal faatii? Tajaajila kamiif oola? Gaaffii jedhuuf odeeffannoo kennitoonni af gaaffiidhaanis, marii gareetiinis natty himaniiru. Faayonni midhaginaa kunis kan akka uffannaa aadaa, lootii gurraa, marata, amartii mormaa fi urgooftuu akka ta'anidha. Kana malees rifeensa mataa isaanii miidhaksanii shurrubbaa akka dhahatanidha. Shamarran faayota kanaan miidhaguudhaan guyyaa ayyaana Ingiccaa hawwatoota ta'anii, akka biiftuu ifanii ayyaana isaanii kabajatu. Haala itti fayyadama faayota kanaa odeeffannoo kennitoonni tokko tokkoon akka itti aanutti naa ibsaniiru.

#### 4.3.1. Uffata aadaa

Guyyaa Ingiccaa shamarran kan baay'inaan uffatan uffata aadaa adii ta'edha. Uffataa adii kana qoloo /xibabii jedhuun. Qolaan kun kuulli isaa kirrii gosa tokko kan ta'edha. Xibabiin kan jedhamu immoo kuulli isaa kirrii halluu adda addaa irraa hojjetamee kan miidhagedha. Uffatni kun jirbii irraa hojjetamanii shinshinnii hodhamamanii baaqqee fi sabbata wajjin uffatamudha. Baaqqeeniis irraan uffatama. Sabbanni immoo mudhiitti hidhatama. Sabbanni jirbii dubartoonni foo'an irraa ogeessa naannootiin qal'ateet dhahama/ hojjetama. Kan malee uffanni warshaatti hojjetames gabaarraa bitamee akka uffata hodhaa naannoo saniitti hodhamee guyyaa Ingiccaa ni uffatama.




**“Fakkii 8”  Uffata aadaa**

Haala kanaan shamarran guyyaa ayyaana Ingiccaa uffanna kana uffatee akka hurjii addaattee ayyaana ishii kabajatti.

**4.3.2. Marata mataa /shaashii**

Maratni mataa kun qallina kan halluu adda addaa irraa miidhagee kan hojjetamedha. Kan argamus gabaarraa bitamuudha.



**“Fakkii 9” Marata mataa /shaashii**

Guyyaa ayyaana Ingiccaa shamarran shaashii kan bareechaniit shurrubbaa isaanii jala maratu. Marata haala kanaan itti fayyadaman kana jala maraa akka jedhan odeeffannoo kennitoonni kennaniifi raga daawwannaa irraa argamerraa hubadheera.

### 4.3.3. Gutichaa Gurraa /Lootii Gurraa

Faayyi kun sibiila irraa kan hojjetamu ta'e, unka adda addaa qaba. Faaya kana shamarran gurra isaanii uratantu kaawwata. Yeroo kaawwatan kan gurratti maxxanus kan rarra'us ni jira.



**"Fakkii 10" Gutichaa Gurraa /Lootii Gurraa**

Ayyaana Ingiccaa irratti maatiin shamarran gurra isaanii urataniif faaya gurraa kana bitanii gurra isaaniitti kaa'uufi.

### 4.3.4. Amartii mormaa

Amartiin mormaa sibiila irraa kan hojjetamtu taatee, xinnoo unka geengoo kan qabdudha. Amartii kana shamarran yeroo Ingiccaatiin alas kan kaawwatan ta'ullee, kan guyyaa Ingiccaa kan adda taasisu kirrii haaraan halluu dooqee qabu dirqama bitamee yabbinaan kan ittiin kaawwatan ta'uusaati. Shamarreen sun kan kaadhimamte yoo taate moo kan hidhattu amartii qofaa osoo hin taane masqalii mormaa wajjin kirrii isaa daran yabbifteet hidhatti.



**“Fakkii 11” Amartii mormaa**

**4.3.5. Urgooftuu**

Shamarran guyyaa Ingiccaa dhiqtanii uffatanii, miidhaganii foolii gaarii hawwataa ta’e qabaachuun ayyaana isaanii waan kabajataniif urgooftuun ni bitamaaf. Urgooftuu kana dhadhaadhaan laaqanii mataa isaanii dibatu. Akkasumas uffata isaaniitti diddibatu. Urgooftuu bituun yoo dhadhabamellee, baala urgaa’u naannootti argamu xoosanyii fi adasii kan jedhamu gogsanii bulleessanii tumuu dhaan dhadhaadhaan laaqanii akka rifeensa isaanii dibatan hubadheera. As keessatti qabeenya uumamaa naannoo isaaniitti argamullee akka itti dhimma ba’anidha.

**4.3.6. Shurrubbaa**

Faayota namtolfee irraa garaa garummaa qabaatus shamarran akka Aanaa sanitti guyyaa Ingiccaa shamarran midhaginaaf rifeensa mataa isaanii shurrubbaa dhahatu. Ijoollee shamarranii yeroo miilaan deemuu jalqaban irraa eegalee rifeensi mataa isaanii kunuunfamee gaddifamuun shurrubaan dhahamaafi guyyaa Ingiccaa immoo shamarraniif shurrubaan bifa adda addaatiin bareedee dhahameefii ittin miidhaganii ayyaana isaanii kabajatu.



**“suura 12” Shurrubbaa**

Shurrubbaan miidhagina shamarran guyyaa Ingiccaatiif ga’ee guddaa qaba. Shurrubbaan shamarran kana akkamitti akka miidhagse suurri kun ni agarsiisa. Inni karaa bitaa ashamaa jedhama. Inni karaa mirgaa ammoo qaqalloo /gilbixii jedhama. Akka walii galaatti fayyadama faaya adda addaa guyyaa kabaja ayyaana Ingiccaa barbaachisaniin irratti odeeffannoo kennitoonni yaada akka naaf kennanitti, ayyaana kanaaf jecha faayyoonni kun haaraan haa bitamaniyyu malee, bituunis yoo dadhabame kanuma dura jiru miiccatanii qulqulleeffachuun akka uffatanii fi bakka rakkoon jirutti walirraallee ergifachuun akka uffatanii ayyaanicha ooluu akka danda’amudha. Shamarran haala kanaan faaya adda addaatiin faayamanii, miidhaganii akka aduu ifanii haawwattoota ta’anii ayyaana isaanii Ingiccaa akka kabajatan hubadheera.

**4.4. Sirboota Ayyaana Ingiccaa**

Sirboonni ayyaana Ingiccaa irratti sirbaman ergaa maalii qabu? Yaada jedhuuf odeeffannoo kennitoota irraa afgaaffii fi mare gareetiin yaannin argadhee, sirbi Ingiccaa dhaamsa adda addaa qaba. Kunis shamarran yeroo sirban waan isaasnitti dhagahame gammachuu ayyaanichaaf qaban, akkasumas ilaalcha gama adda addaatiin qaban ittiin ibsatu jedhaniiru. Tokkoon tokkoon

sirboota kana akka itti aanutti qaacceffamaniiru. Sirbi Ingiccaa yeroo sirbamu namni sirbicha baasuufi namni sirbicha jalaa qabu ni jira. Qaamonni lachuu kan jedhan ni qabu Innis:-

Namni sirba Ingiccaa baasu yeroo eegalu iyyoo iyyoo yadaraaroo koo.

Waggaa malee hin deebituu yaa haabaaboo koo jechuudhaan eegalee walaloo sirbaa itti fufa.

Warri jalaa qaban immoo "iyyoo koo" jechuun jalaa qabu. Kunis akka awwaaccuu jiran agarsiisuuf akka ta'e odeeffattoonni na hubachiisaniiru.

Ayyaanni Ingiccaa waggaadhaan qofa kan naanna'e dhufu ta'uusaas ergaa agarsiisu ni qaba.

**4.4.1. Galateeffannaaf**

| Kan sirba baasan | Kan sirba jalaa qaban |
|---|---|
| - Beenu buqqisaa dhaqnaa | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Kan har'aan nu ga'e | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Waaqa ni jaalannaa | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Waggaa malee hin deebituu | |
| Yadaraaroo koojechuun itti fufa. | |

Shamarran guyyaa jala bultii /buqqisaa wajjin ta'anii laga bakka caffeen itti marge deemanii qunni kan buqqifatan akka ta'e kan agarsiisuudha. Kan biraa waggaa kana naannessee guyyaa ayyaana isaanitiin waan nagaan isaan dhaqabsiiseef waaq/uumaa isaanii sirba kanaan kan galateeffatan ta'uu isaas odeeffannoo kennitoonni afgaaffii fi marii gareetiin yaada naa kennan natti himaniiru. Haala kanaan shamarran naannoo tokkotti argaman walwaama nii wal qindeessanii gara lagaa qunnii buqqifachuu sirbaarra uumaa isaanii akka galateeffatan yaada sirba kanaa irraa hubatteeti.hiikni isaa uumaa marga lalisaa sana uumama isaatiin galateeffachu jechuudha.

**4.4.2. kakaasuu7**

| Kan sirba baasan | Kan sirba jalaa qabu |
|---|---|
| - Hiriyee nuu waamaa | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Allaadduu haammanna | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Qunni buqqifannaa | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Guguddoon heerumtee | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Xinnoo guddifannaa | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Waggaa malee hin deebitu | |
| Yaa habaaboo koo | iyyoo koo |

Allaadduu marga jiidha haamanii mana keessa afaatanidha. Guyyaa ayyaana Ingiccaa marga jiidhaa mana keessa waan afaataniif yeroo buqqisaaf laga bu'an haammatanii galu.

Kanaaf allaadduu afachuu kan haammatan yoo ta'u, qunnii immoo kan gonggonanii ollaadhaaf hidhuuf buqqifatan ta'uusaa sirba kana keessatti agarsiisaniiru. Kana malees, shamarran yeroo guddatan akka heeruman ni beeku. Yoo heeruman immoo ayyaana Ingiccaa irratti waan hin hirmaaneef shamarran xixiqqoon jalaan guddacha dhufanii, muuxannoo warra gurguddoo irraa fudhachaa deemanii ayyaana kana akka itti fufsiisaa deeman agarsiisu. Yaada kanaarraa qorattuun hubatte ayyaana Qaammee kan hirmaatu shamarran hin heerumne akka ta'aniif shamarran guguddoon yoo heeruman warri xixinnaa ayyaanichaa fufsiisaa kan deeman akka ta'edha.hiikn isaa hawaasa Oromoo keessatti dubri dhalate tokko sadarkaa keessa darbituufi sadarkaa sana keessatti immoo ga'ee hojii raa wwattufi hin raawwanne qabdi jechuudha.

**4.4.3. faarsuu**

| | |
|---|---|
| - Hagadaan boqolloo | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |

- Keessi offaa qaba

    Yadaraaroo koo iyyoo koo

- Duubni cululuqaa

    Yadaraaroo koo iyyoo koo

- Warri mana kanaa

    Yadaraaroo koo iyyoo koo

- Keessi gonfaa qaba

    Yadaraaroo koo iyyoo koo

- Duubni warqii cobaa

  Yaa habaaboo koo iyyoo koo

Waggaa malee hin deebitu yaahaabaaboo koo.

Hagadaan boqolloo yeroo nyaatamu, tokko tokko waanuma nyaatamu fakkaatee keessi isaa offaadha, bishaan hin qabu. Qe'een tokko tokkos yeroo halaalaa ilaalan guutuu fakkaatee yeroo itti siqanii ilaalan immoo hamma halaalaan ilaalan kan hin geenye ni jira shamarran kun warra mana saniitiin kan keessan manii akka hagadaa boqqoolloo san duwwaa mitii, allii fi manni keessan guutuudha. Qabeenya isinii kenneera yeroo itti siqanii ilaalanisi akkuma halaalaa bareedu jira jechuun warra manaa faarsaa, leellisaa, gammachiisaa itti olseenuun qunnii hidhuufi kana kan taasisaniif warri manaa akka jaalalaan isaan simatu akka ta'edha.

Kan sirba baasuu — Kan sirba jalaa qabu

- Warra qe'een guddaa

    Yadaraaroo koo iyyoo koo

- Gorrumoo dabarruu

    Yadaraaroo koo iyyoo koo

- Dhufne durbi Ingiccaa

    Yadaraaroo koo iyyoo koo

- Kan shaashiin babarruu

    Yadaraaroo koo iyyoo koo

Waggaa malee hin deebitu yaahaabaaboo koo.

Shamarran safuu hawaasaa eeganii waan guddataniif safuu kana ni eegu. Kanaaf yeroo Ingiccaa hidhuu gara mana olla deeman fiiganii mana namaa callisanii hin seenani. Dhufuusaanii beeksisanii, warrimama sanii mana jiraachuu isaanii qulleeffatanii, akkaseenuun irra jiraatu waan amananiif ergaa kana sirba kana keessa dursanii dabarfachuuf itti gargaaramu kan jedhu odeeffannoo kennitoonni naa addeessaniru. Ergaa kanarraa shamarran kabajaa fi haamlee hawaasaa eeganii akka deeman hubatteeti.Hiikni isaa akka duudhaa Oromootti qe'een nama safuu kan qabufi dubarri callistee uffata uffattee babareeddee kan qe'ee nama hin dhaqne ta'uu agarsiisa.Akkasumas,Shaashiin guyyaa sana maratamuus halluu tokko qofa ta'uu hin qabu.

**4.4.4. jaalalaaf**

| Kan sirba baasuu | Kan jalaa qabu |
|---|---|
| - Loon keenya keessaa | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Barree guuguruu | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Gargar nu hin baasiinii | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Gurraachi guungumuu | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| Waggaa malee hin deebituu yaahaabaaboo koo. | |

Shamarran dhalatanii guddatanii hanga heerumanitti waliin ykn naannoo tokko jiraatu. Kanaaf, wal jaalatu, addooyyee waliin jedhu, wal mararfatu, umuriin isaanii heeruaaf yeroo ga'u gargar bahuun isaanii akka hin ooles ni beeku waan ta'eef yaaddoo qabu. Yaaddoo qaban kanas haala kanaan sirbaan ibsataniiru. Waaqayyo humna waan qabuuf osoo wal jaalannu addaan nu hin baasiin jechuun uumaa isaanii kadhatu. Yaada kanarraa shamarran jaalala waliif qabanirraa kana ka'e waliin jiraachuuf hawwii kan qaban ta'uun isaa hubatameera.

| Kan sirba baasuu | Kan sirba jalaa qabu |
|---|---|
| - Harreen garuu dheeddee | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Gad dachaasaa tiksaa | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Qarreen darbuu geessee | |

Yadaraaroo koo iyyoo koo

- Fafacaasaa sirbaa

Yadaraaroo koo iyyoo koo

Waggaa malee hin deebitu yaahaabaaboo koo.

Biqiltuun midhaanii tokko yoo dheedhame/ nyaatame quucareet yeroo isaatti ija hin naqatu, baalatti hafa, kanaaf kunuunfamuu akkuma barbaadu dha.

Akkuma midhaan kunuunfame ija godhatu. Qarreenis yeroo qaba sirbuun, bilisummaa haasahuun yeroo ijoollumma qarreedhaan maatii wajjin jiran miidhaga. Yeroo guddatanii heerummaan itti gaafatamummaa jireenyaa keessa waan galamuuf taphachuun akka yeroo ijoolummaa hin danda'amus hin bareedus. Kanaaf yeroo keenyatti fayyadamne haasofnee dabarsu qabna. Yoo kana ta'uu baatee yeroo keenyatti osoo hin fayyadamiin dabarsine deebinee hn argannu yeroosaa eegee waan hundi darbuun hin oolu waan ta'eef itti fayyadamna kan jedhu dabarsa. Qarreen shamarran hin heerumne ta'uu ishii mallattoo ibsuudha. Qarreen shamarran hin heerumnef rifeesa mataasaanii gigguudhaa bifa giingootiin haagguun qarree qoruuf. Qarreen kun kan duudu immoo yeroo heerumanidha. Kanaaf qarreen darbuu geessee kan jedhu heerumaaf ga'uu isaanii agarsiisa yaanni jedhu odimtoota afgaaffii fi marii garee irraa ibsameera. Qarreen amma garuu maqaa dhaan jira malee shamarran qorachuu dhiisaniru. Anis haaluma kanaan yaada kana hubadheera.

Kan sirba baasuu Kan sirba jalaa qabu

- Guchuma moo qabee

Yadaraaroo koo iyyoo koo

- Kamitu irra sarara

Yadaraaroo koo iyyoo koo

- Guntuuta qarree

Yadaraaroo koo iyyoo koo

- Kamitu irra marara

Yadaraaroo koo iyyoo koo

- Guchumnis sarara

Yadaraaroo koo iyyoo koo

- Hamma qabee hin ga'u

Yadaraaroo koo iyyoo koo

Waggaa malee hin deebitu yaa haabaaboo koo.

Akka odeeffannoo kennitoonni natti himanitti guchumni meeshaa aannan itti naqatan xiqqaa migira irra hojjetamee faayaan miidhagudha. Qabeenis meeshaa buqqee irraa hojjetamee xiqqaa faaya adda addaa tiin miidhagee aannan itti naqamudha. Lachuu mi’uma aannan itti naqachuuf itti fayyadamanidha. Garuu bareedina isaanii wal bira qabanii kamtu irra caala akka miidhagu dorgomsiisuun lachuu bareedanillee qabeen akka caala bareedu himaniru. Kanumaan wal fakkeessanii marartee qarree guntuta wajjiin wal dorgomsiisuun qarreen caala akka nama marartu ibsaniiru. Dubarri kan guntuttu yeroo guddattee umuriin ishii heerumaaf dhiyaatudha. Yeroo kun umuriin qarrreedhaan jiraachuu yeroo itti gabaabbachaa dhufe waan ta’eef filatamaa akka hin taane ibsaniiru. Ergaan kun lachuu nama mararullee qarreen akka guntuuta caalu, shamarran qarreesaanii baayyee akka jaalatan agarsiiseera.

| Kan sirba baasuu | Kan sirba jalaa qabu |
|---|---|
| - Yaa hundee alatuu | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Osoo latuu baattee | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Yaa qarree marartuu | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Osoo darbuu baattee | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |

Waggaa malee hin deebitu yaahaabaaboo koo.

Alaltuu biqiltuu laga qarqaratti biqiltudha. Ganna ganna yeroo bishaan guutu lolaan buqqisuuf wal’aansoo ishiin qaba. Kanummaan wal fakkeessuun qarreen nama mararti garuu darbuun ishi immoo hin oolu ergaa jedhu akka dabarse hubatameera. Shamarran qarree isaanii akka mararsiifatan agarsiisa.

### 4.4.5. Quuqaaf

| Kan sirba baasuu | Kan jalaa qabu |
|---|---|
| - Hingirdaadan irbaa | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Hirgirdaada callee | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Ceekaa gadokkitti | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Ijibbaatan sirba | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Seenaa bartokkittii | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |

Waggaa malee hin deebitu yaahaabaaboo koo.

Hingirdaadni osoo hin barbaadamiin garbuu fi qamadiin keessatti marga. Kanaaf ni aramama. Yeroo midhaanichi dhahamu calleeffamee gatama. Ceekaan immoo gosa mukaati. Baranneen isa dhumaatiif ayyaana Ingiccaa kan hirmaatu isa bara ishiin heerumte sana kabajamu qofaadha. Kanaaf isa dhumaa kana yeroo hirmaattu ayyaanni Ingiccaa bara sunii ishiidhaaf seena qabeessa ijibbaata qarreeshii isa dhumaa akka ta’e sirba kanaan ibsatti.

| Kan sirba baasuu | Kan sirba jalaa qabu |
|---|---|
| - Durba gaafa Ingiccaa | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Qarree qarree dibu | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Silaallee sindiba | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Fageenyi haa dhibu | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Fageenyi maal dhiba | |

Yadaraaroo koo iyyoo koo

- Halagatu dhiba

Yadaraaroo koo iyyoo koo

- Waggaa malee hin deebituu

Yadaraaroo koo iyyoo koo

Shamarran heerumte ayyaana Ingicca kabajuudhaaf mana warra ishii kan dhagxu yeroo tokko qofaafidha. Ergaa yeroo barannummaashii tokkicha dabarsitee itti aansee kan ishii eeggatu haadha manaa taatee mana ishiitti Ingiccaan hidhamuufidha. Osoo fagaadhee heerumuu baadhee hiriyyoonni koo kun Ingiccaa naaf hitu, ani moo akkuma haadholii kaanii qarree keessan dhadhaan diba ture jechuun isaanirraa fagaattee deemuushii ibsatti. Dabalataan fageenyi hin dhibu, garuu amala abbaa manaa koo hin beeku, halagaa waan ta'eef kennaa ani kennu kana jibbuu danda'a kan jedhe yaaduun soda qabdus keessa dabarfatteetti.

### 4.4.6. Komiif sirba

| Kan sirba baasuu | Kan sirba jalaa qabu |
|---|---|
| - Ingiccaa jedhanii | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Barii nu kaasanii | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Heerumaa jedhanii | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Biyyaa nu baasanii | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Maaf marga haamane | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Mana hin ajjeerree | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Maaf biyyaa baanaa | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Nama hin ajeefnee | |

Yadaraaroo koo iyyoo koo

- Dorobaa hin qallee

  Yadaraaroo koo iyyoo koo

- Dhalti hin gurgurree

  Yadaraaroo koo iyyoo koo

- Maaf nu gurguruu

  Yadaraaroo koo iyyoo koo

- Isaan haa gurguru

  Yadaraaroo koo iyyoo koo

- Gurraachi guungumu

  Yadaraaroo koo iyyoo koo

Waggaa malee hin deebituu yaa habaaboo koo.

Guyyaa Ingiccaa ganama shamarran Ingiccaa ykn qunnii hidhudhaan eegalu. Sirba kana keessatti guyyaa Ingiccaa shamarran ganaman Ingiccaa/ qunnii hidhuuf ka'uu calaqqisiisaniiru. Kan biraa shamarran kun heeruma isaan akka waan gaariitti itti amananii hin fudhanne. Akka biyya bahiinsaatti akka gurguramuutti fudhataniiru. Akka aadaa oromoo oromootti nama ajjeessuun, sa'a dorrobaa qaluun, sa'a dhaltii gurguruun akka cubbuutti, akka yakkaatti ilaalamuusaa odimtoonni natty himaniiru shamarran kun garuu cubbuu tokkollee osoo hin hojjetiin yakka isaanii malee waan isaan itti hin amanee itti murteeffamuusaanii komatu. Waaqni humna qabu miidhaa keenya haa ilaalu jechuun itti himatu. Qaama kana nurratti raawwateefis kan hojii isaa haa kennuufi yaada jedhuun waaqni namarra humna qaba jedhanii waan amananiif miidhaa isaanirratti raawwate itti himataniiru.

Kan sirba baasuu Kan sirba jalaa qabu

- Garbuu garbuu jedhuu

  Yadaraaroo koo iyyoo koo

- Yaa olla qamadii

  Yadaraaroo koo iyyoo koo

- Haftuumaa nuun jedhuu

  Yadaraaroo koo iyyoo koo

- Yaa hojjaa qananii

  Yadaraaroo koo iyyoo koo
- Nama haftuu nuun jedhe

  Yadaraaroo koo iyyoo koo
- Sanyi isaa hin margiin

  Yadaraaroo koo iyyoo koo
- Ija durbaa hin argiin

  Yadaraaroo koo iyyoo koo

Waggaa malee hin deebituu yaa habaaboo koo.

Shamarran tokko osoo hin heerumiin umurii dargaggummaa bira darbitee yoo mana warrashii turte nama ishii fuudhu dhabdeet manatti hafte haftuu harmi jiige jechun qeequ, guddachuu keenyaan hawaasichi maaliif jecha kanaan nu qeeqa, akka boquu gadi qabannu nu taasisa jechuun komii jecha hawaasaa kanarratti qaban ibsatu. Qaama jecha akkasii nuun jedheef kan hojii isaanii haa argatani, sanyii isaanii akka keenya margaa hin ta'iin haa badu durba isaanirraa haa fageessu. Latiinsi isaanii haa gufatu jechuun ilaalchi akkasii kun akks isaan irraa hafuuf abaarsaan komii isaanii ibsatu.

**4.4.7. Jibbaaf**

| Kan sirba baasuu | Kan sirba jalaa qabu |
|---|---|

- Iyyoo iyyoon kunoo

  Yadaraaroo koo iyyoo koo
- Borumoo iftaanii

  Yadaraaroo koo iyyoo koo
- Barreenni suubbichaa

  Yadaraaroo koo iyyoo koo
- Morma moo ilkaanii

  Yadaraaroo koo iyyoo koo
- Yoo mormaa haa cituu

  Yadaraaroo koo iyyoo koo
- Yoo ilkaanii haa cabuu

Yadaraaroo koo iyyoo koo

- Yaa suubboo loon dhibbaa

  Yadaraaroo koo iyyoo koo

- Siin ayyaannuu hin jibbaa

  Yadaraaroo koo iyyoo koo

- Ya qeerroo loon shanii

  Yadaraaroo koo iyyoo koo

- Shananuu aannanii

  Yadaraaroo koo iyyoo koo

Waggaa malee hin deebituu yaa habaaboo koo.

Suubboon dhiira fuudhadha. Suubboon kun sababa adda addaatiin lammata fuudhuu yoo barbaade durba qarree yookiin kan dura hin heerumne fuudhuu filataa. Shamarreen hin heerumne immoo hammam qabeenya qabaatullee, hammam bareeda qabaatulle suubbootti heerumuu hin filatan. Sababiin isaas umuriin isaanii waan wal hin simanneef jireenya waliigaltee qabullee jiraachuu waan hin dandeenyeefidha.

Kanaaf filannoon isaanii qeerroo kanuma akka isaanii kanaan dura fuudhee bultii hin hundeessine umuriidhaan kan walgitanudha. Qabeenyallee yoo qabaachuu baate qeeroo dhuma filatu. Qabeenyi waliin horatama yaada jedhus qabu. Kanarraa shamarran suubbootti heerumuu akka jibbitu hubatameera.

### 4.4.8. Yaaddoof

Kan sirba baasuu Kan sirba jalaa qabu

- Sokorruun fixeensaa

  Yadaraaroo koo iyyoo koo

- Eessa robe laataa

  Yadaraaroo koo iyyoo koo

- Biyyi hormaa bineensa

  Yadaraaroo koo iyyoo koo

- Biyya baana laata

  Yadaraaroo koo iyyoo koo

Waggaa malee hin deebitu yaahaabaaboo koo.

Shamarran heeruumuuf ofiif murteeffatu osoo hin taane maatiitu murteessa. Kanaaf heerumsiisan gara biraatti nu ergumoo carraa maatii keenya bira turruu qabana laata jechuun yaaddoo isaanii kana haala kanan sirbaan calaqqisiisu. Maatii isaanii biraa bahanii maatii biraa wajjiin jiraachuun akka maatii ofiitti namatti hin tolu nama yaadessa ergaa jedhu dabarsu.

| Kan sirba baasuu | Kan sirba jalaa qabu |
|---|---|
| - Walaawwalaa ooltus | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Eeleen cabu hin ooltu | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Wal jaalachaa ooltus | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Gargar baati hin ooltu | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |

Waggaa malee hin deebitu yaahaabaaboo koo.

Eeleen meeshaa suphee irraa hojjetamee biddeenni itti tolfamudha. Meeshaan kun hammam yoo bareessan iyyuu, kununsaniyyuu supheerraa waan hojjetameef cabuun ishee hin ooltu jechuudha. Shamarran naannoo tokkotti dhalatan waliin guddatan hammamillee jaalala walii yoo qabaatan naannoo dhalataniitti waliin hin hafan, gargar bahuun isaanii ammoo ni yaadda’u sababa heerumaatiin gargar deemuun keenya hin hafu yaada jedhu waan qabaniifi yaaddoo qaban walii ibsu. Akka aadaa naannoo sanaatti shamarran yoo heerumullee baatte akka warra dhiiraa mana warra isheetti mana ijaarattee jiraachuun fudhatama waan hin qabneef naannoo sanaa gara biraatti waan deemtuuf hiriyaa naannoo sanaa irraa gargar ni ba’uu jechuudha.

| Kan sirba baasuu | Kan sirba jalaa qabu |
|---|---|
| - Bixxillee bixaillee | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |
| - Bixxillee xaafiidhaa | |
| Yadaraaroo koo | iyyoo koo |

- Qaammee yaa bareedduu koo
  Yadaraaroo koo iyyoo koo
- Galgalli sun geesse
  Yadaraaroo koo iyyoo koo
- Addaan bibbitine
  Yadaraaroo koo iyyoo koo

Waggaa malee hin deebitu yaahaabaaboo koo.

Guyyaa Ingiccaa shamarran waliin sirbaa, taphachaa oolanii yeroo galgala’u gara manatti galu. Haala kanaan kan wal argan waggaatti al tokko qofa waan ta’eef wal hin quufan. Kan lammata Ingiccaatti hin deebinees kan baranee ta’an ni jiru. Kanaaf osoo waliin haasofnee hin quufiin wal hin nuffiin addaan bahuu geenye jechuun walirraa adda ba’uu jibbuu isaanii ergaa dabarfataniiru.

**4.4.9. Sodaaf**

- Bixxillee bixxillee
  Yadaraaroo koo iyyoo koo
- Bixxillee masqalaa
  Yadaraaroo koo iyyoo koo
- Daddafii yaa Ayyoo
  Yadaraaroo koo iyyoo koo
- Daddafii nan gala
  Yadaraaroo koo iyyoo koo
- Duubanis galgala
  Yadaraaroo koo iyyoo koo
- Warri manaas ni dallanaa
  Yadaraaroo koo iyyoo koo

Waggaa malee hin deebituu yaa habaaboo koo.

Guyyaa ayyaana Ingiccaa shamarran ayyaana isaanii waliin kabajachaa oolanii osoo aduun baay’ee hin dhiyiin gara mana isaanitti. Kanaaf yeroo gara mana isaanitti galuun ga’u sirbaan yeroon galuu akka qaban wal yaaddachiisu. Sirba kana keessatti maatiin akka isaan eega, yoo yeroo galuu dhiisanii yoo turan akka itti dheekkaman waa beekaniif ni sodaatu. Waan maatiin

isaanii jedhan diduu akka hin dandeenye yoo didan tarkaanfiin akka isaan irratti fudhatamuufi ajaja /abboommiimaatii isaaniitiin akka bulaa jiran kanuma keessatii hubatameera.Ajaja maatii saani mufachiisuun barbachisaa waan ta’eef kanaaf yeroon galuu akka irraa eegamu nibeeku.Shamarran oromoo Aanaa Jalduu maatiiisaani akka kabajaan ,ulfina guddaa akka qabaniif akka obbomamanii fi yaada kana irraahubatameera.

**4.4.10 kabajaf**

| Kansirbabaasu | kansirbajalaaqabu |
|---|---|
| - Yaamukamaafjigdaa | |
| Yadaraarookoo | iyyookoo |
| - Osoo dame gabduu | |
| Yadaraarookoo | iyyookoo |
| - Yaa harma maa jigda | |
| Yadaraarookoo | iyyookoo |
| - Osoogarreeqabduu | |
| Yadaraarookoo | iyyookoo |
| - Qarreenkeegaaddisaa | |
| Yadaraarookoo | iyyookoo |

Waggaa malee hin deebituu yaaha baabookoo.

mukaa dame qabu qillensi akka salphaattii raasee hin kuffisu. Mukaadame hin qabnee garuu qillensi akka salphaatti kuffisuu danda’a.

Kanaaf mukki tokko waanumti xinnoon raasee akka hin kuffisneef dameen ni gargaara. Kana jechuun dameen muka umurii dheeressuufni gargaara jechuudha.Haaluma kanaan qarreen shamarraniif kabaja akka ta’e calaqqisiisuu dhaafi , akka naannoo sanaatti harmijige kanjedha muheerumaan booda dhaa. Sirba kana keessatti garuu kan mui’atu osoohin heerumiin shamarree mana warrashii osoo jirtuu qarreeshii gate kan ceephessudha. Kana kana garsiisuu “yaa harmamaa jigda osoo qarree qabduu kan jedhudha. Qarreen maatii ofiibirattisyeroo heerumanis nama kabachiisa, gaaddisa dha, maddaulfinaa fi waan ta’eef qarree kee iddoo hin malletti gatuu keetiin yeroo dhiibbaan adda adda sirra ga’ee rakkoon si mudatu gaabbuun keehinooluyaadajedhaanshamarree kanaaf waanitti dhaga’ame himuuf. Dabalataan waan tokko raawwatanii gaabbuurra rakkoof saaxila murraa dursaitti yaadan rawwachuun akka

barbaachisu seeraa dabarseera. Shamarran oromoo Aanaa Jalduu qarree isaaniitiif kabaja guddaaakkakenna nafa gaaffii fi marii gareetiin oddeeffaannoo keennitoonni natti himaniru. Akkawalii galaatti ayyaannaaIngiccaairraatti

Shamarraan sirba sirbaniin soda tokkoo malee waan isaannitti dhaga'amu hunda baasanii ergaa qaban dabarfachuu isaanii hubadheera. Haalumaa kanan kabajni ayyanichaa guyyaa dhumaasun akka xumuramudha.

**4.5. Jijjiramoota mulachaa dhufaan**

Jijjiiramoota sirna kabaja ayyaana Ingiccaa keessatti mul'achaa dhufaaniin walqabatee odeeffannoo kennitoonni afgaaffii fi mare gareetiinabbooti fi hadhooliinyaada naa kennan akka jedhanitti jijjiiramoonni mul'atan ballinan akka jiranidha. kanas tokko tokkoon akkakaasannitti jalqabuma irraa guyyaa jalabultii qunnii buqqifannaa kan laga bu'ushamarran xixxiqqoo muraasa ta'anidha. Akkasumas kan qunnii hidhanis muraasumadha. Kanaaf hirmaachisummaafi ho'insi sagantaa isaa baayyee laafaa dhufe yaada jedhu naa ibsaaniruu. Kanaa malee bu'uurrii hirmaattoota Ingiccaa umurii kam keessayyuu haa jiraatanii shamarran hin heerumne ta'ee osoo jiruu yeroo amma garuu akka duubatii hafummattii ilaaluu dhaan shamarraan barnootaan yoo sadarkaa lammaaffaatti darbaniifi isaa olga'an hin hirmaatani gad xiqqeessuunkan warra qarroomina hin qabnee taasisanii ilaaluun akka hin hirmaannee odeeffannoo kennitooni afgaaffii fi marii gareetiin yaadanaa kennaan shamarraan Ingiccaa /qunnii hiituuf kennamuunis kan dura dadhaa gara mallaqaatti akka ijijjiiramee fi shamarran iskandura dibduu dadhaa walitti qabatani Ingiccaa hidhuu deeman dhiisan harkuma duwwaa deemaa akka jiranidha.

Uffannaa guyyaa ayyaana Ingiccaa irratti kan dura uffatamee kan kabajamaa ture yeroo ammaa warumti ayyaanicha irrattii argaman kan akka surree , uffannaa baay'ee gabaabaa ta'e uffaachuun kabaju. Akkasumas haala rifeensa ilaalchisee dur shurrubbaa dha'achuu yeroo kabajamu yeroo amma immoo rifeensa hiikuun gara adda addatti jallisan qabaachuun mana rifeensaatti laaffisuu akka deemaniidha. Kana malees sirboonnii sirbaman illee gara hammaayyuummaattii deema akka dhufaniidha. Kana jechuun dura sirbi Ingiccaa kan mataa isaa danda'e yoo ta'u, yeroo ammaa garuu dhiichisa adda addaa fi sirboota ammaayyatti akka fayyaadamaniidha. Haala baay'ina hirmaattootaa ilaalchisee immoo dur daa'imti tokkoo dubra taatee dhalatee kamiyyuu yeroo umuuriin ishee ga'u ayyaana Ingiccaa kan deemtu yoo ta'u

yeroo ammaa garuu gariin amantaa keenya nuuf hin eeyyamu ayyaanichas kabajuun akka waan hin barbaachisneetti ibsuun baay’innii hirmaattoota gad bu’aa dhufuu isaa odeeffannoo kennitoonni ibsaniiru. Kanarraa waanti hubatamu sababoonnii adda adda kun walittii da’amuudhaan kabaja ayyaana kanaa yeroo dhaagara yerootti dadhabsiisaa, laaffisaafi bifa isaa gad lakkisiisaa dhufeera yaada jedhu abbootii fi haadholiin oddeeffannoo naaf kennaan naa ibsaniiru.  Yaadota kanarraa fooklooriiwwaan sirna ayyaana Ingiccaa hirmaannaa isaa, adeemsi kabajaa isaa meeshaalee fi faayonni achi keessatti argama na kkasumas ilaalchi namoonni ayyaanichaaf qaban jijjiiramaa akka dhufe hubatameera.  Jijjiiramni  amala afoolaa haa ta’uyyuu malee addaan ummatichaa bada dhokatee hafuu hin qabu yaada jedhun qaba.

# BOQONNAA SHAN:  CUUNFAA ARGANNOO FI YABOO

## 5.1. Cuunfaa

Kaayyoon qorannoo kanaa inni guddaan sirna kabaja ayyana Ingiccaa qaaccessuudha. kaayyoo kana galmaaga'uuf immoo mala qorannoo ibsaatti kandhimmaa ba'ame yemmuu ta'u, malli filannoo iddattoo , iddatteessuu miti carraa kaayyeffataa fi darbe dabarsaadha meeshaaleen funaansa ragaatiif oolan afgaaffii mara garee sakatta'a dookimantii daawwaannaa dha.oddeeffannoowwan haala kanaan adeemsa raawwii ayyaana Ingiccaa meeshaalee ayyaana Ingiccaa keessatti argaman dhimma itti Bahaman, ayyaana ingiccaa irratti faaya midhaginaa foolan, ergaa sirboonni ayyaana Ingiccaa dabarsanfi jijjiiramooota kabaja ayyaana Ingiccaa irratti mul'achaa dhufaan irratti jaarsole haadholii shamarraanii fi dargaggoota irraa walitti qabamera. Oddeeffannoon walittii qabaman kun boqqonna aafur jalatti sakatta'amanii, qaacceffamanii fi akkaata walfakkeenyaa isaatiin kaawwamaniiru.

## 5.2. Argannoo

Ragaalee odeeffannoo kennitoota irraa argamen gaaffilee bu'uuraa qorannichaa irratti hundaa'uudhaan qaaccessuun argannoowwaan jiran akka armaan gadiitti ibseera.

- ✓ Sirni ayyaana Ingiccaa yeroo kabajamu jalqabaa hangaa xumuraatti adeemsa mataasaa akka qabu hubatameera. Kunis kabaja ayyaannichaatiif wantoonni barbaachisan kan akka faayaa meeshaalee dursanii kan qophaa'an ta'anillee, guyyaa dhaabbataa kana irraa eegalama jedhamu hin qabu. Garuu shamarraan guyyaa jalbultii qunnii buqqiffachuu dhaan eegalu. Guyyaa ayyaanichaa immoo qunni/ Ingiccaa gongonatan maneen ollaatti hidhu, sagantaa hidhaa erga xumuranii booda guyyaa dirree tokko irratti shamarran naannoo tokko jiraatan walitti dhufuun sirbaa fi tapha adda addatiin kabajataa oolu. Haala kanaan erga kabajamee ayyaanichi guyyuma san akka xumuramu hubatameera.
- ✓ Dargaggeeyyiin naannoo ayyaanichaa akka daawwatanii fi kaadhimmaachuu kan barbaadanis shamarran isaaniif taatu akka ilaallatanis hubatameera. Kanaaf ayyaanni Ingiccaa gaa'ila keessattilee akka ga'ee qabu hubatameera.
- ✓ Kabaja ayyaana Ingiccaa keessatti meeshaalee aadaa oromoo naannoo sanii kan akka okkotee, xuwwee, dibduu dhadhaa fi utubaan manaa kabaja ayyaanichaa keessatti akka itti dhimma ba'an ilaalameera

- ✓ Shamarran guyyaa ayyaana Ingiccaa kabajatan kan itti fayyadaman faaya aadaa mimmiidhagoo ta'an kan akka uffannaa aadaa, marata mataa, lootii ykn guticha gurraa, amartii mormaa urgooftuun akka jiranii fi kan ittiin fayyadamanii dha. Akkasumas rifeensa mataa isaanii miidhagsanii shurrubbaa dhahatanii, faayota kanaan faayamanii miidhaganii ayyaanichaa kabajuuf kan itti gargaaraman ta'uun isaa hubatameera.
- ✓ Guyyaa kabaja ayyaana Ingiccaa sirboonni shamaraniin sirbaman adda addaa akka jiran bira ga'ameera. Sirboonni ayyaana Ingicaa kun umurii fi haala shamarran keessa jiraniin wal qabatee waan itti dhaga'amuu fi wantoota isaan mudatu hunda of keessaa qaba.

Ergaan isaas kanneen akka walitti dhufeenya hawaasummaa cimsan, shamarran quuqaa qaban kan itti dabarfatan, tokkummaa fi jaalala waliif qaban kan ittiin ibsatan, komii jireenya isaanii keessatti maatii irraa qaban, hawaasa irraa qaban raawwii gaa'ilaa isaanii irratti qaban, kanittiin ibsatan, egeree jireenya isaanii kan ittiin ibsan, waaqa isaanii uumee kabajuu, galateeffachuufi kadhachuu akka qaban kan ittiin agarsiisan, jaalala waliif, qarree isaaniif qaban, kabaja fi ulfina maatii isaaniitiif qaban ergaa sirboota kanaan kan calaqsiisan ta'uun kan bira ga'ameera. Ergaan sirba ayyaana ayyaanni Ingiccaa shamarran Oromoo Aanaa jalduu biratti hiikoo guddaa akka qabuufi waan baayyee jireenya isaanii keessatti isaan gargaaru akka isaan barsiisuu danda'us bira ga'ameera.

Sirni kabaja ayyaana Ingiccaa adeemsa ittiin kabajamuu, duudhaa ittiin kabajamu kan qabu ta'ullee yeroo ammaa adeemsi kabaja isa jijjiiramaa, shamarran abbaa ayyaanichaa ta'an ayyaanicha dagatanii ammayyummaan liqimfamaa akka dhufan meeshaalee fi faayonni kabaja ayyaanichaaf oolan jijjiirama akka dhufanii fi aadaa amantaa adda baasuu dadhabuudhaan ayyaana Ingiccaa akka amantiitii ilaaluun kabaja isaarraa baqachuun akka jiru hubatameera.

**5.3. yaboo**

Ummanni oromoo Aanaa Jalduu akkuma ummataa oromoo kan biraa ayyaana Ingiccaa duudhalee aadaalee, eenyummaa isaa calaqsiisan kan qabuu fi yeroo dheeraa ittiin ibsatu akka ta'e qorannoo kanaan bira ga'ameera. Gosoota aadaa jiran keessaa qorannoo kanaan kan ilaalame fooklooriin fooklooriin kabaja ayyaana Ingiccaa/ qaammee qaaccessuudha. Kana malees raawwii ayyaana Ingiccaa, meeshaalee ayyaana Ingiccaa keessatti dhimma itti ba'amu, miidhaginaaf faaya guyyaa ayyaanichaa itti gargaaraman, jijjiirama kabaja ayyaanichaa irratti

dhufan sakatta'amaniiru. Akkasumas ergaa sirboota ayyaana Ingiccaa qaaccessamaniiru. Qorannoo kana keessatti dhimmoonni hubatamaniifi bira ga'aman akkuma jiranitti ta'ee, karaa biraatiin dhimmoonni fuulduraaf xiyyeeffannoo argatanii hojjetamuu qaban akka jiran as irratti kaasuun barbaachisaadha. Kanaaf argannoo yaadota armaan olii irratti hundaa'uun yaadan qabu akka itti aanuutti kaa'eera.

- Ayyaanni Ingiccaa oromoo Aanaa Jalduu yeroo ammaa kana sababoota adda addaatiin dagatamaa jira. Kanaaf ayyaanni kun akka hin dagatamneefi akka duudhaa isaa duraa qabatee itti fufuu danda'u beektonni qorattoota ta'an bal'inaan akka irratti osoo hojjatan gaarii dha.
- Meeshaaleefi faayonni yeroo kabaja ayyaana Ingiccaa dhimma itti ba'aman dagataman akka hin hafne akka hambaatti ilaalamee osoo kunuunfamee gaarii dha.
- Ayyaanni Ingiccaa sababii amantii fi ammaayyaatiin adeemsa raawwii isaa gad lakkisaa dagatamaa deemaa jira waan ta'eef Abbootiin gadaa fi abbootiiin amantaa aanichaa ummaticha yeroo barumsa amantaa kennan aadaa fi amantaa gargar ta'uu isaa hubachiisuun ummatichi sababs amantiin akka aadaa isaa hin daganne taasisuu keessatti ga'ee isaanii osoo ba'anii gaarii dha.
- Jijjiiramni amala afoolaa ta'us, aadaan tokko bu'uura isaa gadhiisuun dhiibbaa inni fidu waan jiruuf jijjiiramoonni sirba ayyaana Ingiccaa keessatti gara ammayyummaatti deemuun mul'achaa dhufe kun sirba ayyaana Ingiccummaa isaa akka hin dagachiifne eeguun barbaachisaadha.
- Waajjirri Aadaafi Tuurizimii Godina Shawaa Lixaa fi Waajjirri Aadaa fi Turizimii aanaa jalduu waliin ta'uun ayyaanni Ingiccaa shamarranii kun akka adeemsa duraasaatti deebi'ee fufiinsa qabaatu haala amma irra jiru kana ummataas hubachiisuun qabiyyee isaa ibsuun, kabajni isaas ho'iinsa akka qabaatuu fi hirmaachisaa akka ta'u hirmaannaa egee guyyaan kabaja isaas ho'iinsa akka qabaatuu fi hirmaachisaa akka ta'u hirmaannaa barbaachisaa ta'e keessatti osoo taasisan gaariidha.
- Dhaloonni amma jiru humna baratee fi ammayyaa'aa waan ta'eef dhiibbaa qaama biraatiinis ta'e amantaadhaan dhufuu danda'u hubatee kanneen kanaan osoo hin liqimfamiin ayyaana Ingiccaas ta'ee aadaa biro abbootiin isaanii eegsisan faayidaa guddaa qabaachuu isaa hubachuun kunuunsanii osoo fufsiisanii gaarii dha.

## WABIILEE


Abarraa Nafaa (1999). **Afoola Oromoo Tuulamaa, Jildii 2ffa.** Finfinnee: Biiroo Aadaa fi Turizimii Oromiyaa

Addumyaa Barkeessaa (2011). **Akkamtaa.** Qorannoo Hujoo: Finfinnee

Asaffaa Tafarraa (2009**). Eelaa, Seenaa Ogummaa Oromoo** Finfinnee: Far East Trading Plc.

Bayyush G/Tsadiq (2012). **Sirna Hingiccaa Shamarrani, Qorannoo ebbaa Digrii 1ffaa** Yuunivarsiitii Ambootti. Kan hin maxxanfamne.

Beekan Gulummaa (2015) **Dindimoo.** Finfinnee. Suubii printing press

Darajjee Darrasaa (2008) "**Itti fayyadama meeshaalee Aadaa**. Faaya Dubartoota ilaallatan: Haala Qabatama saba oromoo walloo Aanaa Kamisee "waraqaa Qorannoo Digirii 2ffaa (MA) Muummee. Afan oromoo fi ogbarruuf Dhiyaate Yuunivarsitii Addis Ababa kan hin maxxanfamne

Dirribaa Tafarraa (2001). **Wiirtuu jildii 9ffaa. Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo**. Biiroo Aadaa fi Turizimii oromiyaa.

Dirribi Damusee (2011). **Oromo Wisdom in black Civilization,** Finfinnee: Finfinnee Printing and publishing S.C.

Dirribii Damusee (2009). **Ilaacha Oromoo, Biiroo Aadaa, Seenaa fi Amantaa Oromoo**. Mana maxxansaa Finfinnee.

Dorson, R (1972). **Folklore and folk life: an Introduction**. London university press of Kentucky.

Eller, J.D(2007). **Introducing anthropology of religion: culture to the ultimate**. New York rout ledge.

Filee Jalataa (2016). **Bekumta Oromoo: kutaa tokko (Oromo Foklore).** Mana maxxansaa Raajii Finfinnee.

Finnegan R. (1970). **Oral literacture.** In Africa: London oxford university press

Huseen Badhaasoo (2000). **Seera Fuudhaa fi Heerumaa oromoo Arsii** Finfinnee: commercial printing press.

Kabbee Tolasaa (2006). **Ayyaana Ingiccaa**. (kan hin maxxanfamne). Waajjiraa Aadaa fi Turizimii. Godina Shawaa Lixaa.

Kalaacha oromiyaa (1992). **Aadaa Afoola oromoo Booranaa** Ebla 12,1992 Fuula 3 keessatti.

Malakneh Mangistu (2006). **Fundaments of literature**. Addis Ababa University. Addis Ababa print press

Misgaanuu Gulummaa (2011). **Dilbii. Bu'uura Afoolaa, ogafaanii fi bu'uura walaloo oromoo**. Finfinnee summer. C. (1994). Oromoo wisdom literature. V. Addis Ababa: Addis Ababa university sim C. Martha. (2005). Living folk lore An Introduction to the study of people and Traditional Utah state University press.

Nagarii Leencoo (1995). **Mararoo Duburaa.** Wiirtuu Jildii 7ffaa Finfinnee Artistic printing Enters.

Tasammaa Ta'aa(2000). **Hambaa weedduu oromoo**. Finfinnee: Alpha printers pinnate Lid co. oral: Finfnnee.

Warqinaa Abbaa Soorii (2008). **Sirna Gadaa**. Finfinnee warquu Dachaasaa (1999). Gabaalcha Makmaaksaa.

Wasanee Bashaa (2000). **Bantuu Haaraa**. Finfinnee: EMAY printer.

Wiirtuu jildii **8$^{ffaa}$ finfinnee:** Artistic printing Enterprise.

William BJ(1985). **The Bihar of Indian and some comments on band organization**. Leer. Devore Chicago: Aldine publishing.

## Dabalee A

Yuunivarsiitii Addis Ababaatti kollejjii namoomaa, Gaazexessuu fi Qunnamtiitti Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruu fi Fookloorii.

Kabajamtoota maanguddootaa, haadholii, shamarranii fi dargaggoota Aanaa Jalduu kaayyoon gaafii kanaa sirna kabaja ayyaana Ingiccaa irratti qorannoo gaggeessuufidha. Kanaaf gaafiin isin gaafadhuuf akka yaada naaf kennitan kabajaanan isin gaafadha.

1. Adeemsa raawwii sirna kabaja ayyaana Ingiccaa jalqabaa hanga xumuraattii haala kamiin raawwata.
2. Meeshaaleen sirna kabaja ayyaana Ingiccaa keessa itti fayyadaman maal maal akka ta’an ibsu
3. Wantootni kabaja ayyaana Ingiccaa keessatti akka meeshaa faayaattii gargaaran maal fa’aa?

## Dabalee B

Gaaffilee af gaaffii fi marii gareetiin maanguddoota, haadholii, shamarranii fi dhiyaatan kabajamtoota maanguddootaa, haadholii fi shamarranii Aanaa Jalduu kaayyoon gaaffii kana sirna kabaja ayyaana Ingiccaa irratti qorannoo gaggeessuufidha. Kanaaf gaaffiin isiniif dhiyeessuu irratti akka yaada naaf kennitan kabajan isin gaafadha.

1. Yeroo kabaja ayyaanni Ingiccaa kabajamu wantoonni qophaa'an maal fa'aa?
2. Hirmaattoonni ayyaana Ingiccaa eenyuu fa'aa?
3. Sirboonni ayyaana Ingiccaa irratti sirbaman ergaa /dhaamsa maalii qabu?
4. Jijjiiramoonni sirna kabaja ayyaana Ingiccaa irratti mul'atan jiruu? Yoo jiraatan jijjiirama kunniin sababa maalitiin mul'atan?

## Dabalee C

Maqaa Namoota odeeffannoo kennanii

| T/L | Maqaa | Saala | Umurii | Ganda | Hojii | Guyyaa kenna kennite |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Tsiggee dheeressaa | Dub | 18 | Q/dheeraa | Barattuu | 23/7/2013 |
| 2 | Muluu Dinquu | Dub | 16 | Q/dheeraa | Barattuu | 2/11/2013 |
| 3 | Caaltuu Xaafaa | Dub | 40 | J/bonii | Haadha manaa | 14/12/2013 |
| 4 | Baay'isee Tumsaa | Dub | 19 | J/bonii | Daldaltuu | 14/12/2013 |
| 5 | Jifaaraa Baqqalaa | Dhi | 48 | Badhaas Qorichaa | Q/bulaa | 25/11/2013 |
| 6 | Tasfaayee Xaafaa | Dhi | 36 | Badhaas Qorichaa | Hojjataa mootummaa | 25/11/2013 |
| 7 | Hawwii Glaanaa | Dub | 28 | Badhaas Qorichaa | Haadha manaa | 25/11/2013 |
| 8 | Xaayituu Fiixaa | Dub | 45 | Qarsaa mirxii | Haadha manaa | 3/6/2013 |
| 9 | Girmaa Dhaabaa | Dhi | 47 | Q/dheeraa | Q/bulaa | 23/7/2013 |
| 10 | Alamuu Xaafaa | Dhi | 53 | Kilbee | Q/bulaa | 05/6/2013 |
| 11 | Leellisaa Magarsaa | Dhi | 46 | Kilbee | Hojjataa mootummaa | 05/6/2013 |
| 12 | Guutaa Yilmaa | Dhi | 39 | Kilbee | Q/bulaa | 05/6/2013 |
| 13 | Gaaddisee Galaanaa | Dub | 16 | Qarsaa mirxii | Barattuu | 3/6/2013 |
| 14 | Muluu Addunyaa | Dub | 60 | Q/dheeraa | Haadha manaa | 29/12/2013 |
| 15 | Toltuu Kabbadaa | Dub | 45 | J/bonii | Hadha manaa | 14/12/2013 |
| 16 | Lalisee Milkeessaa | Dub | 17 | J/bonii | Barattuu | 14/12/2013 |
| 17 | Bokii Dhaabaa | Dub | 56 | Qarsaa mirxii | Q/bulaa | 03/6/2013 |

| | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 18 | Guddataa Mul’isaa | Dhi | 46 | J/bonii | Hojjataa mootummaa | 16/11/2013 |
| 19 | Guultii Namarraa | Dhi | 48 | J/bonii | Hojjataa mootummaa | 16/11/2013 |
| 20 | Hayiluu Mul’isaa | Dhi | 42 | J/bonii | Barsiisaa | 16/11/2013 |
| 21 | Alamituu Guddisaa | Dub | 36 | Badhaas Qorichaa | Barsiistuu | 07/11/2013 |
| 22 | Dirribee Dhaabaa | Dub | 38 | Q/dheeraa | Barsiistuu | 23/12/2013 |
| 23 | Asteer Magarsaa | Dub | | Q/dheeraa | Haadha manaa | 23/12/2013 |
| 24 | Hasheetii Baqqalaa | dub | | Kilbee | Haadha man aa | 05/6/2013 |

**IBSA**

Ani maqaa fi mallattoo koo armaan gaditti kan argamu waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo kan ta'ee fi kanaan dura digirii gosa kamiifiyyuu kan hin dhiyaanne ta'uu isaafi wabiin itti gargaarame hunda kanaan beeksise ta'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: Asnaaqach Dhaabaa Jibitootiin

Mallattoo: _______________

Guyyaa: ______________

Waraqaan qorannoo kun qorumsaaf akka inni dhiyaatu kanan mirkaneesse ta'uu koo nan beeksisa

Maqaa : Taaddasaa Jaalataa (Dr)

Mallattoo: _____________

Guyyaa: ____________